

**Yuunivarsiitii Jimmaa**

**Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Hiyumaaniitii  
Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruu**

**Xiinxala Itti Fayyadama Caasaafi Hiika Makmaaksaafi Hibboo  
Oromoo Kitaaba Barataa Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 10ffaa  
Keessatti**

**Waraqaa Qorannoo Digrii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoo  
Barsiisuutiin Gamisaan Guuttachuuf Qophaa'e**

**Qopheessaan: Dhaabaa Gabbisaa Teessoo**

**Hagayya 2021**

**Jimma**

**Xiinxala Itti Fayyadama Caasaafi Hiika Makmaaksaaifi Hibboo  
Oromoo Kitaaba Barataa Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 10ffaa  
Keessatti**

**Qopheessaan: Dhaabaa Gabbisaa Teessoo**

**Gorsaan: Eebbaa Tarreessaa (PhD)  
Gorsaa Gargaaraan: Alamaayyoo Faqqadaa(PhD)**

**Waraqaa Qorannoo Digrii Lammaaffaa (MA) Afaan Oromoo  
Barsiisuutiin Gamisaan Guuttachuuf Muummee Afaan Oromoofi  
Ogbarruutti Dhiyaate**

**Hagayya 2021  
Jimma**

## **Yuunivarsiitii Jimmaa**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo Barsiisuu Gamisaan Guttachuuf Dhaabaa Gabbisaatiin Mata-duree “Xiinxala Itti Fayyadama Caasaafi Hiika Makmaaksaafi Hibboo Oromoo Kitaaba Barataa Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 10ffaa Keessatti ”jedhurratti qophaa’e sadarkaa ulaagaa yuunivarsiitichi kaa’e guutuun mirkanaa’eera.

### **Maqaafi Mallattoo Qortootaa**

Qoraa alaa \_\_\_\_\_ Mallattoo \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_

Qoraa keessaa \_\_\_\_\_ Mallattoo \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_

## **Maqaafi Mallatoo Gorsitootaa Qorannoo**

Gorsaa \_\_\_\_\_ Mallatoo \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_

Gorsaa Gargaaraa \_\_\_\_\_ Mallatoo \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_

---

Itti gaafatamaa muummee yookaan walitti qabaa sagantaa digirii lammaffaa (MA)

## **Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame qabu kun waraqaan qorannoo hojii dhunfaa koo ta'u isaatiifi yaadawwan qorannoo kanaaf dubbise hunda isaanii wabii keessti eeruu koo mallattoo kootiinan mirkaneesseera.

### **Qorataan: Dhaabaa Gabbisaa Teessoo**

Mallattoo \_\_\_\_\_

Guyyaa \_\_\_\_\_

## Axereeraa

*Qorannoonaan kun xiinxala itti fayyadama caasaafì hiika makmaaksaafi hibboor Oromoo kitaaba barataa barnoota afaan Oromoo kutaa 10ffaa keessatti argamanu, caasaa jechootaa himootaafì hiika akkamiitiin barataa akka shaakalchiisu adda baasuu irratti xiyyeefata. Ka'umsi qorannoonaan kanaas, afoolliakkuma dandeettiwwan afaanii itti fayyadama caasaafì hiika irratti xiyyeefannaa mataa isaa danda'e kennuu kan barbaadu, waan ta'eef, caasaalee sagalee, jechaa, himaafì hiika makmaaksaafi hibboon Oromoo kitaaba barataa kutaa 10nii keessa jiran adda baasuun ifoomee jira. Qorannoonaan kana milkeessuuf immoo mala qorannoonaan akkamtaatiin (qualitative research method)tiin hojiitti kan hiikamedha. Mala kana kan xiyyeeffateef immoo odeeffannoo barbaachisoo mata duree qoranoo kana waliin walsimatu kanneen akka xiinxala kitaaba barataafì afgaaffii barsiisotaa yaada hayyootaan gabbisuun qorannicha xiinxaluun yaadni furmaataas kaa'ameera. Bu'aaleen qorannichaan argaman caasaaleen, sagalee, jchootaa, himootaafì hiikkaa makmaaksaafi hibboor keessa jiran haala kamiin, iddo akkam akkamiitti akka dhiyaatan adda baasuun hariiroofì garaagartummaa makmaaksaafi hibboon kutaa 10nii qaban xiinxaluun danda'ameera. Innis hariiroo isaan unka caasaa isaaniitiin qaban, irra deddeebii sagaleelee, jechootaa, gaaleewwaniitiin, jalqaba, gidduufì dhuma himaatti yeedaloo uumanii argamaniiru; caasaalee himootaatiinis hima salphaa, hima dachaa, hima xaxamaafì dachaa xaxamaa kan qaban ta'uu xiinxala gaggeeffame irraa hubachuun danda'ameera. Akkasumas makmaaksaafi hibboon malleen dubbii da'effachuu hariiroo wal-deggersaafì waliif faallaatiin hiikkaan kan dhiyaatu ta'uun, hariiroo isaan qaban garabiroodha. Garaagartummaan isaanii afoola lamaaniifuu caasaa irrattis ta'e hiika irratti baayyinaafì ulfaatina madaala isaa eegeen akka dareen barnootaa dabalaan deemuun afoolli lamaan tokkoo tokkoo daree barnootaatiif sadarkaa daballii daree isaa eeggee osoo qophaa'ee, jechuudhaan akka furmaatatti kaa'ameera. Dhumarratti kitaabbileen barnoota afaanii yeroo qophaa'an dhimmi barnootaa dhimma jireenya dhalootaa murteessuu waan ta'eef, xiyeeffannoo guddaatiin hayyoota Afaanii dandeettii cimaafì ga'umsa qaban kallattii ogummaa isaaniitiin, wal-dorgomanii qophii kitaaba barnootaa irratti osoo qooda fudhatanii jechuun qorataan akka furmaatatti dhiyeesseera.*

## **Galata**

Duraan dурсее isa na gargaaree firii dadhabpii koo akkan ijaan arguuf isa asiin ana ga'e Waaqayyoon guddaan galateeffadha. Itti aansuudhaan hojji qorannoo kana yeroon hojjedhu nuffiifi dadhabpii tokko malee, yeroofi beekumsa qaban osoo naatti hinqusatiin jalqabaa hanga dhumaatti gorsa ogummaan dabaalame kan naaf qoodaniifi hariiroo obbolummaatiin kan na bira dhabbachaa jiraniifi turan gorsaa koo Dr. Eebbaa Tarreessaa baay'een galateeffadha. Dabalataans, carraa barumsaa kana akkan dorgomu kan ulaa barumsaa naaf bane, ispoonseras naaf ta'e Ministeera Barnootaa guddaan galateeffadha.

Akkasumas, jalqabbii barumsa koo kaasee hanga xumuraatti yaadaafi maallaqaan, nadeeggaraa kan turte haadha manaa koo barsiiftuu Immabeet Mardaasaatiif galanni koo guddaadha. Barnoota kana yeroon baradhuttis jaalalli abbummaa osoo isaan dhiphisuу garuu akkan baradhee milka'uuf jabadhuu baradhu jechuun yaadaan kan narraa adda hinbaane ijoollee koo Sanyii Dhaabaafi Biqiltuu Dhaabaatiif galanni koo onnee irraa madde guddaadha.

## **Gabaajeewwan**

- DD-Durduubee
- G -Gochima
- GG-Gaalee gochibsaa
- Ku.10-kutaa kurnaffaa
- MI-Maq-ibsa
- M-Maqaa
- XI-Xum-ibsii
- X-Xumura

## Gabatee Baafataa

| Mata Duree Baafataa   | Fuula |
|---|-------|
| Axereeraa.....  | i     |
| Galata.....   | ii    |
| Gabaajeewwan.....   | iii   |
| BOQONNAA TOKKO.....   | 1     |
| 1.SEENSA.....   | 1     |
| 1.1. Seenduubee Qorannichaa .....                                       | 1     |
| 1.2.Ka'umsa Qorannichaa.....  | 3     |
| 1.3. KAAYYOO QORANNICHAA .....  | 4     |
| 1.3.1.Kaayyoo Gooroo Qorannoo.....                                      | 4     |
| 1.3.2.Kaayyoo Gooree Qorannichaa .....                                  | 4     |
| 1.4.Barbaachisummaa Qorannichaa .....                                   | 4     |
| 1.5.Daangaa Qorannichaa.....  | 5     |
| 1.6.Haqina Qorannichaa .....  | 5     |
| BOQONNAA LAMA.....  | 7     |
| 2.SAKATTA'A BARRUULEE WAL FAKKAATANII.....                              | 7     |
| 2.1. Maalummaa Afoolaa .....  | 7     |
| 2.2.Faayidaa Afoolaa Kitaaba Barataafi Barnoota Afaanii Keessatti ..... | 8     |
| 2.3. Afoola Unkaawwan Gaggabaaboo.....                                  | 9     |
| 2.4.Makmaaksaaifi Haala Dhiyanna Isaa .....                             | 10    |
| 2.4.1.Makmaaksa .....   | 10    |
| 2.4.2. Unka Makmaaksaa .....  | 11    |
| 2.4.3. Hiikkaa Makmaaksotaafi Hiikkaa Jechootaa.....                    | 12    |
| 2.4.4.Faayidaa Makmaaksaa .....   | 13    |
| 2.4.5.Makmaaksaaifi Haala Itti Fayyadama Isaa .....                     | 13    |
| 2.5.Hibboofi Haala Itti Fayyadama Isaa.....                             | 16    |
| 2.5.1. Hibboo.....  | 16    |
| 2.5.2.Haala Itti Fayyadama Caasaafi Hiikkaa Hibboo .....                | 18    |
| 2.5.3.Hibboofi Haala Qabatamaa Daree Barnootaa.....                     | 19    |
| 2.6. Rakkoolee Afoolaan Afaan Barsiisuu Keessatti Mul'atan.....         | 20    |

|  |           |
|--|-----------|
| <b>2.7. Yaaxxina Dhiyaannaa Afoolaa.....</b>   | <b>21</b> |
| <b>2.8. Sakkatta'a Qorannoo Wal-fakkii.....</b>  | <b>21</b> |
| <b>BOQONNAA SADII.....</b>   | <b>23</b> |
| <b>3.MALAAFI SAXAXA QORANNICHAA.....</b>   | <b>23</b> |
| <b>3.1. Madda Ragaalee .....</b>   | <b>23</b> |
| <b>3.2. Mala Iddattoofi Iddatteessuu .....</b>   | <b>24</b> |
| <b>3.3. Meeshaalee Funaansa Ragaa.....</b>   | <b>25</b> |
| <b>3.3.1.Sakatta'a Dokimentii.....</b>   | <b>25</b> |
| <b>3.3.2.Afgaaffii Barsiisotaa .....</b>   | <b>25</b> |
| <b>3.4.Mala Qaaccessa Ragaa.....</b>   | <b>25</b> |
| <b>BOQONNAA AFUR.....</b>  | <b>27</b> |
| <b>4.1.Xiinxala Itti Fayyadama Caasaalee Jechootaa Makmaaksa Oromoo Kitaaba Barataa Kutaa 10ffaa Keessatti....</b> | <b>27</b> |
| <b>4.2.Xiixala Caasaalee Jechoota Hibboo Oromoo Kitaaba Barataa Kutaa10ffaa Keessatti Mul'atan .....</b>           | <b>31</b> |
| <b>4.3.Hariirowwan Sagaleelee, Jechootaa Makmaaksafi Hibboo Oromoo Kutaa 10ffaa Keessa Jiran.....</b>              | <b>33</b> |
| <b>4.4.Xiinxala Caasaalee Himootaa Makmaaksa Oromoo Kitaaba Barataa Kutaa 10ffaa Keessa Jiran .....</b>            | <b>35</b> |
| <b>4.4.1.Hima Salphaa Makmaaksa Kitaaba Barataa Kutaa 10ffaa Keessatti .....</b>                                   | <b>35</b> |
| <b>4.4.2.Hima Dachaa Makmaaksa Kitaaba Barataa Kutaa 10ffaa Keessatti .....</b>                                    | <b>36</b> |
| <b>4.4.3.Hima Xaxamaa Makmaaksa Ktaaba Barataa Kutaa 10ffaa Keessatti .....</b>                                    | <b>36</b> |
| <b>4.4.4.Hima Dachaa Xaxamaa Makmaaksa Kitaaba Barataa Kutaa 10ffaa Keessatti ..</b>                               | <b>37</b> |
| <b>4.5.Qaaccessa Caasaalee Himootaa Hibboo Oromoo Kitaabilee Barataa Kutaa 10ffaa Keessa Jiran.....</b>            | <b>38</b> |
| <b>4.5.1.Hima Salphaa Hiboo Kutaa 10ffaa Keessatti.....</b>  | <b>38</b> |
| <b>4.5.2.Hima Dachaa Hibboo Kutaa 10ffaa Keessatti .....</b>   | <b>38</b> |
| <b>4.5.3.Hima Xaxamaa Hibboo Kutaa 10ffaa Keessatti.....</b>   | <b>39</b> |
| <b>4.5.4.Hima Dachaa Xaxamaa Hibboo Kutaa 10ffaa Keessatti.....</b>  | <b>39</b> |
| <b>4.6.Xiinxala Hiikka Makmaaksotaa Oromoo Kitaaba Barataa Kutaa 10ffaa Malleen Dubbiitiin.....</b>                | <b>40</b> |
| <b>4.6.1. Naamessuu Makmaaksa Kutaa 10ffaa Keessatti.....</b>  | <b>41</b> |
| <b>4.6.2. Akkasaa Makmaaksa Kutaa 10ffaa Keessatti .....</b>   | <b>41</b> |
| <b>4.6.3.Mitihee Makmaaksa Kutaa 10ffaa Keessatti .....</b>  | <b>42</b> |
| <b>4.7.Xiinxala Hiika Hibboo Oromoo Kitaaba Barataa Kutaa 10ffaa Malleen Dubbiitiin...42</b>                       | <b>42</b> |
| <b>4.7.1. Naamessuu Hibboo Kutaa 10ffaa Keessatti .....</b>  | <b>43</b> |
| <b>4.7.2. Akkasaa Hibboo Kutaa 10ffaa Keessatti.....</b>   | <b>44</b> |

|   |           |
|---|-----------|
| <b>4.7.3.Mitihee Hibboo Kutaa 10ffaa Keessatti.....</b> | <b>45</b> |
| <b>BOQONNAA SHAN.....</b>                               | <b>46</b> |
| <b>5.GUDUNFAAFI YABOO QORANNOO.....</b>                 | <b>46</b> |
| <b>    5.1. Gudunfaa.....</b>                           | <b>46</b> |
| <b>    5.2.Yaboo Qorannoo .....</b>                     | <b>47</b> |
| <b>Wabiilee.....</b>                                    | <b>49</b> |

## **BOQONNAA TOKKO**

### **1.SEENSA**

#### **1.1. Seenduubee Qorannichaa**

Uummanni Oromoo uummata aadaa, dudhaafi safuu mataa isaa qabudha. Wantoota aadaatti fayyadamuun aadaa isaa calaqqisiifata. Kanneen keessaa fookilooriin tokko. Fookilooriin Oromoo eenyummaa Oromoo ibsuuf akka qabeeynaa guddaatti fudhatama. Kana ilaachisee “*The Oromo folklore, oral tradition ,music,art and particularly proverb and sayings has given this notion asense of identity and common heritage. It becomes the way they see,understand interpret the world and express their belief and values about it*” jedhu.(Mengesha,1992). Akka yaada kanaatti, fookilooriin Oromoo wantoota afaniin darban,muuziqaa,keessumattuu makmaaksaaifi jechamoonni yaada miira eenyummaafi ambaa seenaa uummataa akka ta’e ibsu. Dabalataan:

Ben Amos (1971:10) “*Folklore is a definite realistic,artistic, and communicative process,...,it has acultural and social base*” jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti fookilooriin dhugaa kan ta’e,amala aartii kan qabuufi adeemsa walqunnamtii uummataa yookiin aadaa hawaasaa dhugaa irratti hundaa’efi adeemsa qunnamtii akka ta’e ibsu.

Beektotni adda addaa waa’ee ogbaruu ragaa bahan keessaa tokko (Lazar,1993: 19) jettutti,“*Literature is a partticularly good source of developing students abilities to infer meaning and to make interpretations...increase their emotional awereness and we ask students to respond confidently about expressing their own ideas.*” Kana jechuunis ogbarruun meeshaa dandeetii waa xiinxaluu barattootaafi hiikkaa jechootaa dagaagsuu akkasumas, waan gaafataman ofitti amanamummaan akka deebisan kan gargaaruu ta’uu isaa himu. Yaaduma kana deeggaruudhaan,(Baddiluu 1996:6), Brumfi et al. (1986) wabeeffachuudhaan “ *Keessattuu biyyoota guddataa jiraniif ogbarruun sirna barnootaa isaanii keessatti hammatamuun guddinaaf gahee guddaa qabaachuuusaa*”ibsa. Dabalataan waa’ee xiyyeffanna qorannichaa kan ta’e, itti fayyadama caasaaleefi hiikkaa makmaaksaaifi hibboo oromoo kitaaba barataa kan ilaallatu yeroo ta’u, afoolaa ilaachisees:

Baddiluun (1996:3) Madda afoolaa yoo ibsu, bu’urri afoolaa muxannoo jirenyaa hawaasaa akka ta’e ragaa baha. Meeshaan ittiin himamus afaan waan ta’ef, afoola kitaaba afaniifi kutaa

barnoota afaanii keessatti akka meeshaa afaan baruuifi barsiisuutti fayyadamuun barattooni haala qabatamaa ta'een aadaa barsiisuu,ogummaa Afaanii gabbisuu,fooyya'iinsa amalaa fiduufi hirmaanna dhuunfaa barataa guddisa jedha. Kanarraa ka'uun afoolli barattoota si'eessuun fedhii guutuun gara barumsaatti dhiyeessa. Kun immoo barattootni waan dubbisan beekumsaafi muuxannoo afoolaa kanaan dura qaban akka fayyadaman taasisa.Yaadolee kanneen irraa wanti hubachuun danda'amu hojiileen afoolaa barumsa afaaniifi kitaaba barnoota afaanii keessatti humna sammuu barattootaa dadammaqsuufi kakaasuu waan ofkeessaa qabaniif, barattooni osoo hin dhiphatin bashannanaa barumsa afaanii haala gaariin akka hordofan taasisuu isaati. Kana malees, barumsa afaanii kutaa keessaa qabatamaa taasisuudhaan ogummaa afaanii gurguddoo afuran barattooni akka gabbifataniifi caasaaleefi hiika afoola daree barnootaaf dhiyaate, haalaan beekumsaan akka gabbatu godha.

Akka Bascom (1965) kaa'etti, afoolli faayidaalee gurguddoo afur qaba. Isaanis; barsiisuu, cimsuu, miliqsuufi to'achuudha jechuun kaa'ee jira. Afoolli Oromoo dandeettiwwan hedduu kanneen akka makmaaksaa,hibboo, durdurii weedduu geerarsa,faaruwwan adda addaafi kkf.qabata jechuun ibsaniiru. (Zawdeefi Firehiwoot 1999:2,14)

Kanaaf afoolli baruuifi barsiisuu keessatti barbaachisaa ta'uu isaa ibsa. Afaan Oromoo afaan barnootaa ta'ee tajaajila bal'aa kennuu erga eegalee waggoottan muraasa lakkofsisee jira. Gareen qormaata Afaan Oromoo (2005:37), akka ibsutti "Afaan Oromoo akka afaan barnootaa kutaa(1-8)fi kollejjiitti,akka barnoota afaaniitti (language education) sadarkaa tokkoffaa hangaa yuunvarsitiitti baratamaa jira". Kitaabni kunis qabiyyeewan gurguddoo kan akka dandeettiwwan afaanii afuran, seerlugaafi jechootaa barsiisuu yemuu xiyyeffatu, ogbarruufi afoolas dadeettiwwan kana barsiisuuf akka meeshaa gargaarsaatti dhimma ba'a.

Xiyyeffannaan qorannoo kanaa, xiinxala itti fayyadama caasaaleefi hiika makmaaksaaфи hibboon Oromoo kitaaba barataa kutaa 10ffaa keessatti kan jedhu yeroo ta'u, kitaabbileen barnootaa afaanii itti fayyadama irratti hanqina qabaachuu akka malan dubbatama kanneen keessaa tokko,

Dasseen (1988) kitaabni barnoota afaanii hanqina qababaachuu akka maluufi hanqinoonni mul'atan immoo, yeroodhaa gara yerootti sakatta'amani fooyya'uu akka qaban ibsee jira. Kanaafuu, kitaabonni barnoota afaanii yeroo adda addaa qophaa'an ija ogummaatiin ilaalani madaaluun dhimma murteessaadha. Kanarraa ka'uun, itti fayyadama makmaaksaaфи hibboo

barnoota, Afaan Oromoo keessatti akkamitti akka dhiyaate kitaaba barnoota afaan Oromoo galma gahumsa dadeettiwwan afaaaniin walqabsiisuun akkasumas itti fayyadama caasaa akkamii akka qabniifi hiikkaa akkamii akka qabaniifi hariroo akkamii akka qaban adda baasee xiinxaluudha.

Gama itti fayyadama caasaa afaaaniifi hiika makmaaksaaifi hibboo Oromoo kitaaba barataa kutaa 10ffaa keessatti, adeemsa baruu barsiisuutiin kan ilaalamu yoo ta'u, qorannoон kun kan inni hammatus, seenduubee qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, kaayyo qorannichaa, barbaachisummaa, daangaa, hanqinaafi qindoomina qorannichaatu dhiyaate. Matadureen qorannoون kun kitaaba kana keessatti hedduminaan of danda'ee waan hin dhihaanneef bifa gilgaalaatiin ciccitee dhiyaachusaa agarsiisuuf iddo hedduutti fuula makmaaksiifi hibboon irra jiru eeruudhaan xiinxalame.

## **1.2.Ka'umsa Qorannichaa**

Qabiyyeewan kitaabni barataa Afaan Oromoo hammatu keessaan muraasni duudhaa ummata Oromoo kan calaqqisiisu ogbarruufi afoolaan ta'uun beekamaadha. Ogbarruufi afoola gargaaramuuun caasaa afaanii barsiisuun: barumsa afaanii keessatti meeshaa kaka'umsa uumu ta'uu, barattootni beekumsa aadaa hawaasa isaanii akka qabaatan taasisuu, adeemsa afaan barachuu barattootaa kan saffisiisu ta'uu isaa (Duff fi Malev,1990); (Brumfit,1991)fi (Lazar, 1993:14) ni himu. Haat'u malee, dhimmoota ogbarruufi afoolaan caasaa afaanii barsiisuu ilaachisee kanaan dura qoranoon yoo jiraates, afoolatti gargaaramuudhaan caasaafi hiika akkamii akka qaban qorannoон Afaan Oromoон gaggeeffame kan hin jirreffi kutaan 10ffaa kun qorumsa seensaaf barattoota qopheessuu irratti xiyyeffachuuun qophaa'uu waan qabaniif kallatti fuulduree barattootaa akka akeeka qajeelaa akeekaa deemaniiif qorachuun barbaadame. Kanaaf akka ka'umsaatti qorataan haala itti fayyadama caasaafi hiika afoolawwan Oromoo kitaaba barataa kutaa 10ffaa irratti qoranno geggeesuuf kan qorataa kakaasee qorannoowaan kanaan dura afoola gama ogummaa (dandeettiwwan) afaniin qofa malee, kallattii itti fayyadama caasaa afaniitiin kan dagatame fakkaata waan ta'eefi; afoola dandeettii afaniitiin qofa xiinxalamuuun ammas haqina kanaan dura ture hundeerraa hin furu. Akkasumas hir'ina xiyeefannaan gama kanaan mul'atanirratti furmaata barbaaduuf yaadameetu. Sababiin, qorataan barnoota Afaan Oromoo kitaaba kutaa10nii caasaafi hiikkaa afoolaa irratti xiyyeffateef immoo, yeroo dheeraaf kitaabilee kanneeniin fayyadamee barsiisaa yeroo turetti, gama itti fayyadama caasaa afaniifi

hiikkaa makmaaksaaifi hibboon akkamitti akka dhiyaateefi afoolaan xiinqooqa akkamitti akka barsiisan ifoomsuufidha.

Dhimmi kun immoo qorannoон deeggeruu waan barbaaduuf, gaaffileen qorannoo kanaan furamu jedhamanii yaadamanu haala armaan gadiin caqafamanii jiru.

- Makmaaksiifi hibboon kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa keessatti argaman caasaalee sagalee jechaa akkam akkamiitiin barattoota barsiisa?
- Makmaaksiifi hibboon kitaabilee barnootaa Afaan Oromoo kutaa 10ffaa keessatti argaman caasaalee himaa akkamiitiin dhiyaate ?
- Makmaaksiifi hobboon kitaabilee barnootaa Afaan Oromoo kutaa 10ffaa keessatti argaman hiikkaa akkam akkamiitti fayyadamanii dhiyaatani ?
- Haariiroowwaniifi garaagartummaa makmaaksaaifi hibboon Oromoo kutaa 10ffaa keessa jiranu maal fakkaata?

### **1.3. KAAYYOO QORANNICHAA**

#### **1.3.1.Kaayyoo Gooroo Qorannoo**

Kaayyoон gooroo qorannoo kanaa xiinxala haala itti fayyadama caasaafi hiika makmaaksaaifi hiibboon Oromoo kitaaba barataa kutaa 10ffaa keessatti argamanu ifoomsuudha.

#### **1.3.2.Kaayyoo Gooree Qorannichaa**

- Itti fayyadamni caasaalee sagaleefi jechootaa makmaaksaaifi hibboon Oromoo kitaabileen barataa kutaa 10ffaa keessa jiran addaan baasuun ifoomsuu;
- Makmaaksaaifi hibboon Oromoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa keessa jiran caasaalee himootaa akkam akkamii akka qaban addaan baasuu;
- Makmaaksiifi hibboon kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa keessatti argaman hiikkaa akkamiiin barattoota akka shaakalsiisan addaan baauufi xiinxaluu;
- Haariiroowwanfi garaagartummaa makmaaksaaifi hibboon Oromoo kitaaba barataa kutaa 10ffaa keessatti qaban addaan baasuufi xiinxauu;

### **1.4.Barbaachisummaa Qorannichaa**

Qorannoон kamiyyuu xumura irratti bu'aa argamsiisu qaba. Bu'aa barbaadamu arguufis afoolatti gargaaramuudhaan caasaafi hiika akkamii akka qaban qorannoo gaggeeffame hin agarre, kutaan 10ffaa kun qorumsa seensaaf barattoota qopheessuu irratti xiyyeeffachuun qophaa'uu waan

qabaniifi kallattii fuulduree barattootaa dura akeeka sirii agarsiisuuf qorachuun barbaachisaadha. Bu'uuruma kanaan faayidaan qorannoo kanaa kaayyoo barnoota afaanii galmaan gahuuf faayidaa guddaa qaba:

- Guddina qorannoo Afoolaafi caasaa Afaniif gumaacha olanaa kennuu mala.
- Beektoonni xiinqooqaa gama itti fayyada Afoolaa caasaa afaaniitiin qorannoo akka gaggeessan nikakaasa.
- Itti fayyadama caasaafi hiika afoolawan Oromoo kitaaba barataa kutaa<sup>10ffaa</sup> irratti xiyyeffachuun qoratee yoo hir'inni jiraate furmaata haarawaa kaa'uuf ni gargaara.
- Akkaataa itti fayyadama caasaalee,sagalee, jecchootaa, himootaafi hiika afoolaa xiinxalame irraa barachuu danda'u.
- Guddini qorannoo afoolaa milkaa'uutiin caasaafi hiika barsiisuun gumaacha daran gaarii ta'e galmeessisuu mala.
- Namoota qoraanno kanaan walfakkaatu yookiin, kanarra bal'atu geggeesuu barbaadaniif yaada ka'umsaa ta'uu danda'a jedhamee yaadama.

## **1.5.Daangaa Qorannicha**

Xiyyeffannoon qorannoo kanaas afoolawan Oromoo kitaaba barattootaa kutaa <sup>10ffaa</sup> keessaa itti fayyadama caasaalee sagalee, jecchootaa, himootaafi hiika makmaaksaaфи hibbootiin xiinxaluun kan daangeffamedha. Kunis gama caasaa sagalee, jacootaa,himootaafi hiikkaatiin xiyyeffannaan akkamii adeemsa baruufi barsiisuu kitaaba barataa keessatti akka kennname adda baasuun daangaa qorannoo kanaati. Sababni kitaabni kutaa 10ffaa filatameefi sadarkaa lammaffatti kitaabni kutaa kanaa dhimmoota itti fayyadama caasaa sagalee,jecchootaa,himootaafi hiika makmaaksaaфи hiibbowwanii addaan baasuun hariroofi garaagartummaa isan qabanis hubachuun kallattii qorannoo qorataa kanaatiin kitaabni akka xiyyeffannaargatuufi barattoota barnootaan ga'oomsuufidha. kitaabonni kunis kan bara 2005/2012 qophaa'ee hanga ammaatti (wggoota dheeraaf) hojiirra jiru sakatta'uun furmaata gaarii kaa'uudha.

## **1.6.Haqina Qorannicha**

Qorannoon kun yeroo gaggeeffamu wantoonni qorataan akka hanqina qorannoosaatti arge keessaa kanneen ijoo ta'an caqafamaniiru: kitaboleen barnoota afaanii yeroo qophaa'an,daneettiwwan afaanii xiyyeffanaan barsiisuuf qophaa'u garuu,qorannoon kun irra jireessaan itti fayyadama caasaafi hiika akkamiitu akka kitaaba barataa kana keessa jiran addaan

baasuu irratti waan xiyyeeffateef dandeettiwwan afaanii kanneen akka dhaggeeffachuu,dubbachuu,dubbisuufi bareessuutiin afaan barsiisuu irra ce'uun, qaawwaa qorannoo kanaa tokko yoo ta'u, qaawwaan biroos, caasaafi hiika afoolaaf malee, afoola akka meeshaa kaka'umsaatti gargaaramuuun qorannoo gageessuu hafuun, hanqina qorannoo kanaa gara biraadha. Rakkolee kana hambisuufis qorannoo kanaan dura Haanaa Malkamuufaatiin gageeffaman akka dubisan kalattii agarsiisuun dubbistootni qorannoo kanaas giddugaleessummaatiin qarannoo kanatti akka gargaaraman gochuun dnda'ameera.

## **BOQONNAA LAMA**

### **2.SAKATTA'A BARRUULEE WAL FAKKAATANII**

#### **2.1. Maalummaa Afoolaa**

Afoolli gooroowwan fookloori keessaa tokko ta'ee, waan gareen hawaasaa tokko waliin qooddatan kanneen akka: aadaa, amantaa, siyaasa, dinagdee, guddina, qaroomina afaanii, safuu, duudhaafi warren kana fakkataan of keessatti hammata. Yaada kanaan walqabiisee, Berhanu (2009: 13) yoo ibsu “*As its name suggests the term oral literature refers to verbal arts or traditional culture usually composed orally and transmitted from generation to generation by word of mouth,*” jedha. Akka yaada kanaatti, afoolli aadaafi duudhaa hawaasaa kan of keessatti hammatu ta'ee, afaaniin dhaloota irraa gara dhalootaatti kan darbu akka ta'e nuhubachiisa.

Akka (Dorson 1972: 2) jedhutti, afseenessoon kanneen akka raagamtaa (myth), afseenaa (legend), durduri (folktale), mammaaksa, hibboo, of jalatti qabata; isaanis yeroo baayyee afaaniin dhaloota gara dhalootatti darbaniifi abbummaan isaanii hin beekamneedha (unknown authorship) jedhu.

Akkasumas Fedhasaan (2013:33) maalummaa afoolaa ilaachisee, Afoolli kalaqa sammuu keessatti qophaa'uun afaaniin kan himamudha. Kana keessatti haalli inni itti lufu/darbu/, himinsa afaaniin malee, barreffamaan miti. Wanti afaaniin darbaa dhufe kun baattuu seenaa enyummaa, falaasamaa, ilaalchaa, duudhaa, safuu, diinagdee, amantii, siyaasaa, beekumsaafi muuxannoo dhala namaa baatanii asga'an, jechuun ibsa. Yaada kana irraas waanti hubatamu afoolli afaaniin dhalootarra dhalootatti kan darbu ta'ee, dhimmoota garaagaraa of keessatti hammachuusaati.

Waa'ee maalummaa afoolaa (Melakneh 2006:11), yoo ibsu, afoolli kan dhalli namaa afaaniin dhalootaa dhalootatti dabarsaa dhufeedha. Kunis, kan ofkeessatti hammatu: afseenaa, durduri, makmaaksa, hiibboo, ateete, sirbootafi awfaloowwan garaagaraa kanneen jiruufi jirenya hawaasaa keessatti akka sirna bulmaataafi faayidaa adda addaaf oolanidha.

Afoolli hojii kalaqaa, hawwataafi amala miiraa kakaasuu kan of keessaa qbuufi midhagina kan gonfatedha. Kunis bifa walalootiin (as a poem) yookaan bifa holoolootiin (a prose narratives) dhiyaatu ta'ee, kan namoonni ogummaa waa kalaquu qabaniin uumaniidha. Qabeenyummaan isaas kan uummataati. Haaluma walfakkaatuun (Beekaan 2015:12), (Okpewho, 1992:3) wabeeffachuun yoo maalummaa afoolaa ibsu, afoolli afaaniin dhalootaa dhalootatti daddarbu

jedhee ibse. “*It simply means literature delivered by word of mouth*” jedha. Kana keessatti wanti hubatamuu qabu, yeroo dhalootaa dhalootatti afaaniin daddarbu, kan tekinika adda ta’e mataa isaa qabaachuu isaati. Dabalataan Okpewho (1992:3) wabeeffachuunyoo ibsu,

“*Oral literature which comprises riddles, puns, tongue twisters, proverbs, chants, songs and stories presents only the verbal aspect of folklore.*” jedha. Afoolli hiibboo, qoosaa, harrab-qareeyyii, mammaaksa, geerarsa, weedduufi durduurii afaaniin dhiyaatu ta’uu isaa himu.

Gama biraatiin (Dastaan 2002:59) Abarraafi warroota biroo (1995:IX) wabeeffachuun “Afoolli maalummaa saba tokkoo kan himan keessaa isa guddaadha.” jedha. Yaanni kunis afoolli eenyummaa saba tokkootiin walitti hidhamiinsa guddaa qabaachusaa nu hubachiisa.

## **2.2.Faayidaa Afoolaa Kitaaba Barataafi Barnoota Afaanii Keessatti**

Hojiin afoolaa muuxannoo jiruufi jirenya hawaasa tokkoo dhalootaa dhalootatti afaaniin dabarsuudha. Dhugaan hawaasa keessa jiru kun akka ittiin barataniif yoo barattootaaf kutaa barnoota afaaniifi kitaaba barnoota afaanii keessatti dhiyaate, faayidaalee heddu akka qabu ogeessonni dirree kanarratti qorannoo gaggeessan ni ibsu. Hill (1986:7) akka ibsetti, afoolli beekumsa barattoota waliigalaa, gahumsa sammuufi gudina jirenya hawaasummaa gabbisurratti gargaarsa guddaadha jedhu. Kunis, kan inni nutti agarsiisu hojiileen afoolaa barumsa afaaniifi kitaaba afaanii keessatti yoo hammataman faayidaa qabachuusaati. Itti dabaluunis, afoolli sammuu namaa keessatti gammachuu, kaka’umsaa, ogummaa waa uumuufi beekumsas argachuuf akka fayyadu ibsu.

Hayyooni hedduun qorannoorraa ka’anii, afoolli amala ogbarruu cimaa qabaachuufi ogbarruu ta’uu isaa amananii jiran. Namoonni barreessuufi dubbiisuu hin dandeenye akka kalaquuf dandeettii cimaa qabanis baratanii jiran. Fakkeenyaaf, Kan akka (Finnegan 1970), Afoolli ogbarruu hin barreeffamiin (non written literature) ta’uu isaa ibsu. “*The wisdom of proverbs has guided people in their social interactions for thousands of years throughout the World (Mieder 2004).*” Akka yaada hayyuu kanaatti makmaaksi addunyaa kana irratti wggoota kumaatamaaf ogummaa hawaasa barsiisaafi bashannansiisaa ture ta’uu himu.

Afoolli meeshaa ittiin miliqaniidha. Namni bu’aa ba’ii jirenyaa isa mudatu jalaa afoolaan miliqa, jirenya nuffisiisaa kolfaan irraanfachuuf, addunyaa haarawaa keessa seenee

gammachuun jiraachuuf faayidaa afoolli qabu guddadha. Asaffaan fayidaa kana yeroo ibsu (1991:137) yemmuu ibsu:

Wal'aansoon sun araaraan xumurama. Araarri sun bu'uun bilchina sammusaaf ,si'aayina qaamasaaf, boqonnaa qalbiisaaf bu'uura. Afoolli uumama waliin wal hammachuun kun immoo miira miidhagaa hawaasichaa calaqqisa. Midhaaginnichis fedhiisaa, gochasa, hawwiisaa, waliin jirenya isaafi kkf. Afoola keessatti mul'ata.

Yada olii kana irraa wanti hubannu, afoolli meeshaa hawaasni tokko ofis ta'ee, naannoosaa ittiin ibsatudha. Akkaataa uumama wantoota adda addaatti ibsa kenna. Adeemsa jiruufi jirenyaa keessatti, dhalootaa hanga du'aatti wantoonni raawwatan, maaliif akka raawwataman, akkamitti akka eegalan kaa'uun gochaawan kunneen akka hinbadanneefi dhalootatti akka darbu taasisa.

Faayidaa afoolaa kana ilaachisuun Bukenyaan yemmuu ibsu:

...oral literature is a valuable...experience contributing to the total, development and self-fulfillment of the person exposed to it. Oral literature imparts to the growing person useful cognitive, Performative and affective skills which enable the person to live rewarding life and to be a useful member of society. (Bukenya,1994:)

Yaada olii kanarraas kan hubannu afoolli muuxannoo gabbisa, beekumsaa waliigalaa nama dhuunfaa gabbisuun xiinsammuufi bilchina nama biroo dagaagsuun hawaasa keessatti nama guutuu nama taasisa.

Collie Stephen (1987) afoolli dhiyaatu ergaa kan dabarsuufi bashannansiisaa yoo ta'e dubbisni sun kan hin nuffisiifneeffi kan barattooni beekumsa aadaafi dandeettii xinqooqaas kan gabbifatan ta'uu ibsu. Akka (Bascom, 1965) kaa'etti Afoolli faayidaa gurguddoo afur qaba. Isaanis: barsiisuu, cimsuu, miliqsuufi to'achuu jechuun kaa'a.

### **2.3. Afoola Unkaawan Gaggabaaboo**

Afoola unkawwan gaggabaaboo kan jedhaman kun bifa (unka) irratti kan hundaa'e yoo ta'u, isaan kana keessatti jalqabarratti kan ka'an kanneen akka: makmaaksaa,hibboo,cigoofi jechamaafi arrabqareeyyii of keessatti hammata. Kanneen unka gabaabaa' jedhu kana yaadrimee qareeyyii jedhu bakka buusuun, (Fedhasaan 2013: 56), yoo ibsu, qareeyyiin gosa afoolaa bifa

gabaabinaan qindaa'ee sammuu qaruuf fayyadudha. Yaadni kunis, wantoota bifaan gabaabbataniii sammuu namaa gabbisan of keessaa qaba jechuun ibsa.

Akka yaada olii kanaatti, qareeyyiin bifaan gabaabbataniii kan dhiyaatan yoo ta'an, jijjiirama amalaa sammuu dhala namaa irratti fiduudhaaf gaheen isaan qaban olaanaadha. Akkasumas, qalbii dhala namaa moo'achuufi suurawaan tokko sammuu dhala namaa keessatti kaasuuf humni isaan qaban baayyee olaanaa ta'uufi hayyuun xiinqooqaa O'Grady (1996) jechoota gareetti qooduufis caasaa afaanirratti waan hudaau'uf, akka ulaagaa ijootti hiika, unkaafi faci'insa jaraa ilaaluun gaarii akka ta'u gorsu. Afoola jiran keessaa xiyyeffannoq qorannoo kanaa xiinxala caasaa jechoohootaa, himootaafi hiika afoolawwan Oromoo kitaaba barattootaa kutaa10ffaa keessaa mammaaksaafi hibboo, irratti xiyyeffachuu xiinxalame.

## **2.4.Makmaaksaafi Haala Dhiyaanna Isaa**

### **2.4.1.Makmaaksa**

“Mammaaksi dubbii fida ykn dubbii fixa. “Ittoon soogidda malee, dubbiin mammaaksa malee, hin miyaa’u.” jedha Oromo. Yaaduma hayyoota Oromoo kana gabbisuun, “*Proverbs are the palm oil with which words are eaten*”(Achebe chinua, 1962:6). Akka makmaaksa Oromoofi yaada beekaa kanaatti kanaatti, makmaaksi dubbii miyeessuuf yookaan bareechuuf murteessaa ta’uu namatti mul’isa.

“A proverb is the wit of one, and the wisdom of many” (Meider, 2004: 9). Kunis makmaaksi jaalatamaa aadaa tokkoo, ogummaa waliinii mul’isa. Dabalataan afoolli kun miidhaginaanis beekamu. Jechoota muraasa filachuun fayyadama. Qiyyaafannoofi xiyyeffannoq dandeettii qoqa mul’isu fayyadama. Himamsa malleen dubbiitti waan tajaajilamuuf raawwii ykn muuxannoo tokkoon wal qabsiisanii dhugaa mul’isu.

Haaluma walfakkaatuun Gaaddisaan (1991:90), yoo ibsu:

Mammaaksi gabaabbina isatiin, qalbii nama fudhachuu saatii ,dhageettitti toluu isatiin,bifaan walfakkaachuu isatiin hundarraayyuu dubbii cimaatiin ibsuu isatiif ummata biratti hima baay’ee jaalatamuufi beekamu mammaaksi akkam yoo gabaabbates, jechoota lamaan hima. Kanaafuu mammaaksi jecha tokkoo hin jiru. Matadureen murtaaye yoo hin barbaachifnellee mammaaksi waanti dubataan jiraatu malee hin himamu.Waayeen irratti haasayanis kan qalbii nama fuudhu ta’ee, yoo wal caqasaa haasa’an ta’uu ni mala.Yeroo kana namoonni wal-dhaban kana amansiisuu

mammaaksa dubbii saanii laalu kan filatan waan ta'eef jaarsummaan kun mata-duree gaarii ta'a.

Akka yaada olii kanatti makmaaksi falaasama hawaasaa kan yaada gadfageenya qabu,nama hawwatu,qalbii harkisu miira ilmaan namaatti tolu, jechoota muraasaan ergaa bal'aa kan dabarsu, bakka namoonni (qooda fudhatootni) jiranitti kan ojiirra ooluufi dhimma ulfaataa battalatti furuuf faayidaa guddaa akka qabu, Keessumaa; namoota wal-lolan araarsuu keessatti iddo guddaa qaba.

#### **2.4.2. Unka Makmaaksaa**

Mammaaksi gosoota afoolaa unka gaggabaaboon dhiyaatu keessaa tokko ta'ee ergaa cimina qabu kan dabarsudha.

Maalummaan mammaaksaa ilaachisee Mieder (2004:4), akka ibsutti:

Proverbs [are] concise traditional statements of apparent truths with currently among the folk. ... Proverbs are short, generally known sentences of the form that contain wisdom, truths, morals, and traditional views in metaphorical, fixed memorizable form and that are handed down from generation to generation.

Akka yaadaatti mammaksi hima duriin kan ijaaraame ta'ee, dhugaa ammaa kan qabatedha. Mammaksi duudhaa, dhugaa, safuufi hamilee hawaasaa galmeessuun dhalootaa dhalootatti kan dabarsudha. Mammaaksi akaakuu ogafaanii (oral literature) keessa unka hundarra gababina qabuufi amala dhabbataa ta'e qabaachuun afoola beekamu keessatti ramadama.

Unka makmaaksaa ilaachisuun hayyuun, Finnegan (1970), haala armaan gadiin xiinxalteetti.

Makmaaksi bifti ittiin beekamu inni jalqabaa yaada gabaabaa ergaa cimaafi gadifagoo ta'e dabarsuu danda'a. Yaada kana, Finnegan (1970:383), yoo ibsitu, "*A picture as this contains some useful pointers for analysis of African proverbs. First, their form. They are picked out first and most obviously as being short*", jechuun lafa keesseetti. Akka yaada hayyuu kanaatti, unka mammaaksi ittiin dhiyaatu keessa tokko bifaa gabaabina qabuun yoo ta'u, dhaamsi jecha sana keessa jiru garuu jechoota baay'inni isaanii daangaa hinqabneen kan ibsamu ta'uusaati. Akkasumas, dhaamsi jechoota mammaaksa keessa jiranii akkaataa kaayyoo hawaasa makmaaksichatti fayyadamuu hiika argata. Kanaafuu, mammaaksonni bifaa af-walalummaa qabachuun isaanii irraa kan ka'e, makmaaksi amala addaa akka qabaatu ta'uu isaa, ilaachisuun, Finnegan (1970:384), yoo ibsitu:

A more detailed discussion of form in proverbs is therefore needed here to show these two characteristics more clearly. The general truth touched on in a proverb can be conveyed in several ways: more or less literally, through a simile, or most commonly through a metaphor. The relatively literal forms of proverbs often contain some allusion or a picturesque form of speech, and among certain peoples at least are marked by some poetic quality such as rhythm,

Akka yaada hayyuu kanaatti bifti mammaaksaa irraa caalaan isaa unka afwalaloon yeedaloo uumuun kan argamu ta'uun, mammaaksi amala gurguddaa lama akka qabaatu isa taasiseera. Bifooni kunis malleen dubbii kan akka akkasaa daheeffachuu ykn itti fayyadama, dubbii qolaa iddeessa/bakkaasaa/ dayeeffatee dhiyaachuu isaati. Amalli biroon immoo haala ogbarruutiin dhiyaachuu isaati.

#### **2.4.3. Hiikkaa Makmaaksotaafi Hiikkaa Jechootaa**

Waliigaltee hawaasni afaaniin taasisu keessatti jechootni hiika addaa yookiin hiika waliigalaa kan qabaataniidha. Haala dubbataan itti dubbatu, iddoofi mata dureen irratti dubbatamuun walqabatee yaadni jechoota dhaggeeffataa biratti uumamu dinqisiisaa, baacoo yookiin arraba fakkaachuu danda'a. Jechootni akkaataa mata dureefi iddo itti tajaajalamaniin yookiin dirree hojniitii walqabatanii of eeggannoon hiikni kan itti hin laatamine yoo ta'e, namoota hunda biratti hubatamuu danda'u (Olsson 2008). Kun ammo waliigaltee keessatti rakkoo uuma.

**Hiikni Kallattii mammaaksotaa**, qindoomina unka xiinqooqaa; caasaa alaa ...tartiiba wahii keessatti qindoomina jechootaa; miira walaloo kan inni dura bakka buufameef, ta'ee kan osoo baay'ee yaaduu hin barbaachisne ergaansaa hubatamuudha (Valiulytè, 2010; Norick, 1985).

**Hiikni Dhokataan immoo**, yeroo baay'ee dubbiawan qolaa, suressaafi hiikni dhokataan mammaaksotaa siritti kan hubatamu irra deddeebi'anii dubbisuu ykn siritti xiinxaluuni. Haa ta'u malee, galuumsa yookiin yoomessa mammaaksichi hojiirra itti oole bu'uura godhatanii miseensota ogumaa makmaaksichi fayyadame xiyyeefannoon xiinxaluuni. Kanuma irraa ka'uun, hayyootni hedduun, maalummaa isaa yoo ibsan, mammaaksi uumama isaatiin dachaa ta'uusaa tuqanii dubbisuu akka qabnullee akeekkachiisu (Mangashaa Riqiituu, 1992; Norick, 1985).

#### **2.4.4.Faayidaa Makmaaksaa**

Mammaaksonni guddina afaaniif baay'ee barbaachisoofi faayidaa qabeessa ta'uu isaa qorattuun afoolaa Finnegan (1970: 415), yoo ibsitu "*Proverbs are essential to life and language with out them, the language would be but a skeleton with out flesh, abody with out soul,*" jetti. Akka yaada hayyuu kanaatti, mammaaksi afoolatti gargaaramuun afaan barsiisuu keessatti barbaachisaa ta'uusaarraan kan ka'e, afaan mammaaksa malee, akka lafee foon hinqabneefi nama lubbuu hinqabneetti ilaalama jedhu.

Dabalataan, aadaa uummataa keessatti dandeettii afaanii yaada wal-xaxaa ta'e, tokkoof waan qabatamaa ta'een bakka buusanii suuraa sammuutti uumuun akka salphaatti akka hubatamu gochuuniifi jechoota alkallattii ta'an filachuun makmaaksa irraa akka burquufi daree barnootaa keessattis hojiirra ooluu qaba. Finnegan (1970: 390), "*The figurative quality of proverbs is especially striking; one of their most noticeable characteristics is their allusive wording usually in metaphorical form,*" jetti. Kun ammoo, malleen dubbiitti qulqullinaan gargaramuuf ga'umsa mammaaksi qabu mul'isa.

#### **2.4.5.Makmaaksaafi Haala Itti Fayyadama Isaa**

Hawaasni mammaksa dubbii keessatti akkamitti akka dhimma bahu haala qabatamaan walqabsiisuu gaafata. Akkuma waliigalaattuu, dhamsi mammaaksotaa kan hubatamu haala keessatti dubbatamerratti hundaa'eeti. Dhamsi darbuus, haala keessatti dhiyaterratti waan hunda'uuf, dhugaa qabatamaa ykn. ammoo, dhaamsa faallaa ta'e dabarsuu nidanda'a. Yaada kanas, Finnegan (1970: 387) yoo ibsitu:

A knowledge of the situations in which proverbs are cited may also be an essential part of understanding their implications, and this is complicated further by the fact that the same proverb may often be used, accourding to the context, to suggest avierty of different truths, even its opposite.

Akka yaada armaan oliitti, haalli makmaaksonni ittiin dhiyaatan kanneen akka: dhamsa kallattiin (by straight), himaamsa bifaa ogbarruu of keessaa qabuun (relatively literal statement), bifaa akkasaan (by similes), bakkasaan yeroo baayyee bineensota kan dhimma bahu yoo ta'u; yeroo tokko tokko garuu, haala adda addan kan dhiyaatu ta'uu, bifaa (*by varios types of methaphor often comparisons with animals or with one particular case suggesting a generalization*), bifaa sadoommii ukukkubseeniifi bifaa sadoommii anyarseen (by hyperbole and paradox)fi waan kana

fakkaatan akka ta'e ibsitee jirti. Makmaaksi kan jiraatu/makmaakamu yoo haasofni ykn dhimmi itti/keessatti makmaakamu jiraate qofa. Kanumarraa ka'ee, (Sahlu Kidaanees 2002:55) yaada akkana jedhukenna: "*Only when there is speech-act, an issue, can mamaksa exist. ... it is best understood as a meta-speech; a speech form which comments on a speech-act.*" Kunis, mammaaksi kan mammaakamu yoo wanti namni jedhu dubbiin, Ykn.dhimmi wahii jiraate qofa. Kana malees, mammaaksi unkaa dubbii ta'ee, kan gochaa dubbiirratti yaada kennuu tokkootti hubatamuu qaba jedhu.

Haaluma kanaan, makmaaksota hubachuufi salphatti yaadanee itti fayyadamuuf, keessattuu, hiika dhokataa hubachuuf hiika dubbiawan qolaa hubachuun sadarkaa isa birooti. Sababiin isaas, yeedaloo ykn quphata sagaleefi dhawataa (Prosody) caalaa karaalee mammaaksi ittiin yaadatamu, hubatamu ykn mammaaksa ta'uunsa xiyyeffannoo argatuun mammaaksichi dubbii qolaa of keessaa qabaachuusaafi galuumsi, hiika inni kennun waan walqabatuuf, Garai K. (2001). Kun immoo, mammaaksi galummsa irratti hundaa'uun hiika gara garaa akka kennu taasisa. Kanaaf, makmaaksa keessatti miirri dubbiawan qolaa caasaa keessa isaa ta'e, kan yaadni qabatamatti jechootaan hin ibsamne; garuu, kan galummsaan hubatamudha.

Kana keessattis, akka hayyuun Garai (2001:632) jedhamu himuutti, galummsa haalotaa irraa; haalota hawaasummaa immoo haalota suuressaa irraa adda baasnee ilaaluu qabna. Haalotni hawaasummaa galummsa makmaaksonni hojiirra itti oolani. Galumsa ibsuuf immoo, qabxiilee akka umrii hirmaattotaa, walitti dhufeenyaa isaan gidduu jiru, waan dubbataan jechuu barbaade, yeroo makmaaksichi hojiirra itti ooleefi k.k.f,niif xiyyeffannoo kennun barbaachisaadha. Faaallaa kanaatiin, haalli immoo, haalota hawaasummaafi suuressaa kan of keessatti hammatuufi walitti dhufeenyaa dubbiawan dachaa ta'e kan waliin hirmaatanidha. Haalli suuressaa haala makmaaksichi mataasaatiin uumamuudha.

Garai, (2001: 632) haala hawaasummaa waliin wal qabsiisee akka itti aanutti ibsa: "*The imaginary situation is the one built by the proverb itself, and the social situation is the future/hypothetical/ real-but situation for which the proverb is intended because of its deliberative nature.*"

Gabaabaadhumatti, hiika makmaaksa tokkoo, keessattuu, hiika dhokataa ta'e hubachuuf dubbiawan qolaa hubachuun barbaachisaadha. Sababni isaas, miira makmaaksotaa dhokataa ta'eef murtii kan kennu dubbiawan qolaati. Kun immoo, galummsa keessatti kan ta'uudha.

Makmaaksonni hedduun duudhaa afaaaniitiin maddi isaanii kan tuqamuudha. Haalli kun immoo, makmaaksonni salphatti akka yaadatamaniif, hubatamaniifi dhalootaa gara dhalootaatti yoo darban jijiiramni guddaan akka irratti hin taasifamneef gargaara. Haata'u malee, salphatti yaadatamuufi hubatamuu makmaaksa keessatti yeroo baay'ee gahee kan taphatu unka maloota ogumaa '(rhetorical device...)' kanneen sagalee irratti hundaa'an)fi maloota seerluga irratti hundaa'an kanneen mammaaksi fayyadamuudha. Isaan kunneenis: kanneen armaan gaditti ilaalamani.

### **I. Maloota Sagaleefi Jechootaa Irratti Hundaa'an**

Maloota ogumaa keessaa kan yeroo baay'ee mammaaksota keessatti sagalee miidhagsuufi mammaaksonni salphatti akka yaadatamaniif yookiin hubatamaniif nu gargaaran: *Yeedaloo (rhyme), marmaarsa sagaleewwan dubbii, suureessaafi wal-qixxummaadha* (Russo, 1983)

#### **A. Yeedaloo**

- Bo'oowwan walaloo keessatti yeroo jechi xumuraa kan bo'oo 1ffaafi 2ffaa yookiin 3ffaa sagaleewwan xumuraan wal fakkaate yookiin walitti dhihaate yeedaloo qaba jenna.
- Deddeebiinsa sagaleewwan dubbiifamaafi dubbachiiftuu
- Irra deddeebii jechoota yookiin gaaleewwan bu'uraa godhacuun
- Suressaan
- Walqixxummaa/walqixxeenyaan/.

Damee ogumaa keessattuu, ogwalaloo keessatti miseensi bo'oowwan walaloo bu'aa bahii walqixa ta'an akka qabaatan gargaaru dhawata (rhythm) jedhama. Kanaan walqabatee, miseensota ogwalaloo keessaa kan sagalee irratti xiyyeffatu walqixxummaadha. Walqixxummaan, yeroo bo'oowwan aanguwwan (stanza) walaloo keessa jiran walqixa dheeratani. Kana jechuun, yeroon bo'oowwan aanguu walaloo tokko keessa jiran dubbisuuf nu barbaachisu walqixa jechuudha (Mohammed 2013:69).

Gabaabumatti, malootni kunneen humna ogumaa adda ta'eefi miidhagina addaa kennan mammaaksotatti dabalu. Kana malees, mammaaksotni akka ifa ta'an, miirawan, caalatti yaadatamaniifi hiika cimaa qabaatan taasisu. Haata'u malee, hubanna qabiyyee yookiin yaada makmaaksaa ulfaataa taasisu (Valiulytè 2010). Kanaaf, mammaaksota hubachuufi hiikuu keessatti maloota kanneen ofeeggannoon dubbisuufi gadi fageenyaan xiinxaluun barbaachisaadha.

### **II. Maloota Caasaa Seerlugaa Irratti Hundaa'an**

Mammaaksonni hedduun sagalee osoo hin taane, seerasaa irratti kan hundaa'aniidha. Kunis,mammaaksonni maloota caasaa seerlugaa irratti hundaa'an aartummaa yookiin dandeettii kalaqa addaa kan sagalee bu'ureeffate uumuu waan danda'aniif. Malootni caasaa seerlugaa irratti hundaa'an kanneen salphatti yaadatamuufi miidhagina mammaaksotaa keessatti gahee taphatan immoo: walmaddummaa (parallelism), gaaffilee ogumaa (rhetorical question), ajajaawwan (imperatives), himoota yoo-booda (if-thensentences), gaaffii (quotations) fi k.k.f ni.

### **A. Wal-Maddummaa**

Mammaaksa keessatti qaamolee himaa wal-madaalan lama wal-maddii/cinaa qabuun gargaaramuuun walmaddummaa jedhama (Miruka, 1994). Innis, gosoota gara garaa qaba:

- ✓ Walmaddummaa walfakkeesiinsaa (comparison parallelisms).
- ✓ Walmaddummaa qaxxaamuraa(cross paralleism):Inni kun immoo, gaalee tokko keessatti jechi barbaachisaa ta'eefi jalqaba mammaaksaa jiru gama lammaffaattis irra deebi'ee yoo dhufe mul'ata (Miruka 1994:34).
- ✓ Walmaddummaa gaaffifi deebii jedhamuun adda ba'u.

Walmaddummaa gosa kamiittu mammaaksicha keessatti faaydaa irra oole jennee hubachuun barbaachisaadha. Kana malees, qaamota walmaddummaaf dhihaatan keessaa kamtu dursee dhufa, kamtu itti aana jennee hubachuu qabna (the positive or negative, the reason or the imperative, the topic or the comment ). Fakkeenyaaaf, qaama ykn kutaa wal-maddummaa keessaa tokko ibsa mata duree yoo ta'e, kan biro immoo gocha isa duraa irratti hundaa'e taa'a. Kanaaf, kamtu dursee akka dhufu hubachuun barbaachisaadha. Kana keessattis, walqabsiistotni hojiirra oolan kanneen akkamii akka ta'an adda baafachuu qabna jechuudha.

## **2.5.Hibboofi Haala Itti Fayyadama Isaa**

### **2.5.1. Hibboo**

Hiibbootiif hiikaa namni hundi irratti waliigalu kana jedhanii kennuun rakkisaa ta'uu beektonnni ni himu; kanaafis sababboota addaa addaa kaa'u.Hiikkaan hiibboof namni Okumba Miruka (1999 :135), jedhamu kennan:

Riddles is word puzzles in which familiar objects or situations are referred to figurative terms for us to decipher what is actually meant. This definition points to how riddles are rich in language and in meaning. In his earlier publication,Miruka observes that riddles present peculiar characteristics of a concept whether those

characteristics are physical, behavioural or habitual and requires the unraveling of the concealed literal reference.

Hiikkaan hiibboof kennname olii kun akka agarsiisutti, hibboon kan hubatamuu danda'amu tapha waantoonni naannoo beekamoon dubbiawan qoolaa garaagaraa fayyadamuun ibsamanidha. Kanaanis, jechoota mimmiidhagoo fayyadamuun baayyee duressadha. Dablataan hibboon tapha jechootaan taphatamu ta'ee, kan ruqileen shaakala dandeettii sammuufi jechaa sadarkaa amalaan, dhaabbii qamaan, amaleeffannoo walitti dhufeenyisaaniitiin kan walitti fidudha.

Hibboon ilaala qaroomummaati (Warquufi kawwan, 2007). Hiibboon himamsi himamee kan dhaggeeffataan deebii barbaadu. Inni deebisu buusee baasee xiinxaluun hiika yaada dhokataa sanaaf ta'u barbaada. Hiibboon yeroo dheeraa fayyadamuun booda sadarkaa sammuu cimaa kana gonfachiisu. Jireenyaafi uumamas kan baay'ee gad-fageenyaan xiinxalle; bashannansiisu, taphachiisuufi barsiisuuf bu'aa guddaa qaba.

Definitions of the riddle in oral tradition have been primarily based on studies of two types: those concerned with the structure of the riddle either grammatically or in terms of thematic units, and those concerned with cognitive aspect of the riddle, that is, to functions psychologically, sociologically, and intellectually as performed in context (Green and Pepicello 1979:4). These scholars characterized riddle analysis in terms of structural and cognitive studies which have provided the framework within which the riddle has been defined.

Among the oral genres folk tale and riddle serve as the most important sources of entertainment. The riddle game is a formalized guessing game, a contest of wit and skill in which the players take turns asking riddles. The player that cannot answer loses, while the player that asked the riddle wins. (<http://en.wikipedia.org/wiki/Riddle>)

Hiibboon gosa afoolaa keessaa tokko ta'ee kan bifa gaafifi deebitiin mo'uuf nama lamaan taphatamudha. Kanaaf caasaan himaafi hiikkaa hiibboo afaan baruufi barsiisuu keessatti qabu iddo olaanaadha. Innis hirmaannaan barattootaa akka dabaluufi caasaa afaanichaachaa shaakalaa akka xiinxalaa deeman taasisa.

Systemic-Functional Linguistics (SFL) places higher importance on language function (what it is used for) than on language structure (how it is composed). When describing language, two important kinds of relations can be addressed: Syntagmatic relations and Paradigmatic relations. The syntagmatic relations as O'Donnell (2001/12) puts deals with the ordering of linguistic elements within a larger unit. The paradigmatic relations on the other hand, deal with which language elements can be substituted for each other in a particular context.

Akka hayyoota xiinqooqaatti hibboon tajaajila caasaafi hiika kenu irratti hundaa'uun hariiroo lamatuu eerameera;innis, walitti dhufeenya caasaa isaafi amala hiika lama qabaachuun /bakka walbuusuun/ bakka lamatti qoodan.

### **2.5.2.Haala Itti Fayadama Caasaafi Hiikkaa Hibboo**

Sabni Oromoo sammuu uumamaafi dandeettii waa kalaquu waan qabuuf barreffaaamatti osoo hin gargaaramiin afoolaan ergaa waliif dabarsaa ture; jiras. Hibboon dandeetti waa tokko qorachuu, xiinxaluufi bal'isanii yaaduu guddisa. Hibboon hiima, gaaffiin yookan gaaleen kan dhiyaatu ta'ee hiikkaa lama kan qabudha. Hiboon gooroowwan afoolaa keessaa warra unka gaggabaaboo jalatti ramadamandha. Unki inni qabu haala walaloo yookan hololoon ta'u danda'a. Yaada kana fakkaatu Nijoroge (1984:54), akka itti anutti ibse, "*In oral literature, riddle is a gener of the short form ; it commonly follows definite stylistic pattern of riddling, it can be rhyming or non-rhyming*". Akka yaada kanaatti hibboon haala dhiyaannaa murta'aa kan qabuufi bifa walaloo yookaan hololoon kan dhiyatudha. Hibboon akaataa sadarkaa hiika ulfaatinaafi unka qabatuun bakka garagaraatti qoddama. Akkaataa gosa isaan immoo bakka lamattii qoodama. Hibboo **hiphifi hibboneetee** dha. Hiibboo hiphii waan gaafatamaan jedhee jalaa qaburratti huundaa'uun kan dhiyaatu yoo ta'u; gaaffiin gaafatamu waanuma naannoo jiru karaa biraa **jechoota qola ofirraa qaban** gargaaramuun bifa gaaffiin dhiheessuudha.

Hibbon teeteen immoo gaafataan "hiibboon teetee" yoo jedhu deebisaan "Teetee" jechuun jalaa qaba. Gosti hiibboo kanaa immoo ijoolleen hawwaasa naannoo isaanii akka baraniiif gargaara. Kana malees lakkoofsa barsiisuu keessatti bakka guddaa qaba. Haaluma wal-fakkaatuun Oxford Advanced Learner's Dictionary (2006), akka ibsetti, "*An enigma is a problem in which the solution is expressed metaphorically, and it requires cleverness and carefully thinking for its solution. It is mysterious and difficult to understand.*" Akka yaada kanaatti deebii hibboo

argachuun cimina sammuu kan barbaaduufi bifa iccitii ta'een dhiyaayaachuun deebii argachuun rakkisaafi hubannoo cimaa kan gaafatudha.

### **2.5.3.Hibboofi Haala Qabatamaa Daree Barnootaa**

Dorson,(1986) “ ...oral literature is considerd as raw materials fof linguistic study of unwritten language or expressions,refilections,or support mechanisim for culture social stracture. “ jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti ogbaruun hin barreeffamiin barnoota afaaniifi xinnqooqaaf akka meeshaa dheedhii aadaa hawaasaatti ilaalamda jedha.

Hibboonis ogafaan keessaa isa tokko yoo ta'u, hunka isaatiin hima gaaffiin yookan (gaaffifi deebiin kan dhiyaatu ta'ee) maatiin walitti qabamanii galgala dubbatama kunis seenaa,dudhaafi safuu hawaasaa ittii barsiisaa dandeettii jechoota xiinxaaluu barattootaa dagaagsa jedha.

Wasnee Bashaa (2010:42),

- Dhiyaannaansaas:- Gaafataan: Hibbo\_\_\_\_\_jedha.
- Gaafatamaan :- Hiibbakka/Hibib/ jedha.

Kan booda gaaffiitu dhiyaata. Gaaffii gaafatameef deebii sirriin kennamuu yoo baate gaafatamaan gaafataaf lafa kenna, itti fufuun gaafatamaanis ni abaarama. Akkana jedha “akka oolaa joonjoftuu lafti siin yaa martu, akka kallee qalbiin kee haa rarraatu,” jedha. Kan deebii wallaales “dammaan siqabe jedhee” kadhata; sana booda lafa argate moggaasuun, argadhee maalan dhaba jecuun, bishaan qa'ee keessa naanna'aa bosonni dallaa marsaa jecuun, deebii itti hima. (Wasnee Bashaa,2010:42). Laofi Krashen, (2000), “*Stories can be used to improve students' vocabulary and reading.*” jedhu. Akka yaada kanaatti seenaa hawaasichaa baruu keessa dandeettiin jechootaafi dubbissuu akka dagaagu himu. Dabalataanis shaakalli yerroo barattootaaf kennamu, akka beekaan kun jeddhutti:

“According to Willis (1996:18), one of the main benefits of task orientation is to “remove the teacher domination.” As the teacher moves away from center stage and devolves responsibility for learning, he/she becomes an enabler, who has “come down from the pedestal” to look around, walk around, address a group of students or explain instruction again when students are working on tasks during the lessons (Carter and Long 1991:7).

Akka yaada olii kanaatti hibboonis shaakalaan kan gabbatuufi barsiisaan kallattii agarsiisuufi deeggeruu jajjabeesuun hiikni isaas akka aadaa hawaasichi itti fayyadamutti buusanii baasanii xiinxaluun hiikamuu qaba.

Walumaagalatti akka yaada barreessaa armaan gadii kanaattis kitaabni barattootaa yeroo qophaa'u, mijaa'inni mataduree, itti fayyadama afaaniifi hawwataafi barbaacisummaan isaa xiyyeffannoo keessa galuu akka qabu dubbatu. Diane M. ( 2011), *Appropriateness of topic or language, children's books should be interesting and have relevance for the intended audience* .

## **2.6. Rakkolee Afoolaan Afaan Barsiisuu Keessatti Mul'atan**

Afoolaan afaan barsiisuun faayidaa guddaa akka qabu hayyoonni hedduun ibsaniiru. Haa ta'uu malee, kitaaba afaaniif kutaa barnoota afaanii keessatti itti fayyadamuu irratti hanqinni jiraachuu maluu hayyoonni ibsu. "Texts are produced by authors who live in the political and social world of their time, and we gain a better understanding of their works by taking these contexts into account...it belongs to the culture of its time. (Beard 2001:3). Yaadni olii kun kan nutti agarsiisu, kitaabni haala siyaasaafi hawwaasummaa barreessitootni yeroo sana keessa ta'anii barreessan fakkaata nus isuma duukaa buuna.

Hill (1986:9-12), afoolli afaan ittiin barsiisuuf filatame waytii ramadameen wal-simuu dhabuusaa (grading), rakkolee xinqooqaa qabaachuu akka malu (linguistic difficulty)fi fudhatamummaa dhabuu (relevance) irraan kan ka'e kutaa keessatti itti fayyadamuurratti rakkoo umuu danda'a. Afoolli dhiyaate madaalawaa ta'uu yoo dhabe kan durii ta'uusaatti, jechoota hin amaleeffatamiin, ulfaatinaafi salphina itti fayyadama afaanii kan jiran ta'uu maluu.

Lazar (1993:54) yaaduma olii kana kan akka ulfaatina xiinqooqaa, aadaa barattootaan wal-simuu dhabuu, beekumsi seenduubbee barattootaa walsimu dhabuufi xiinqooqaan walmadaaluu dhabuu, ballina, shaakalootaafi silabasiin xiyyeffannoo keessa akka galuu qabu dubbatu.

Ibson (1995:43), Rakkoon ulfaatina xinqooqaa rakkolee seera afaaniin walqabatan kan ilaallatudha, jedhu. Rakkoon kun immoo afoola kutaa barnoota afaaniitiif yemmuu filatamu ofeeggannoo barbaachisu gochuun haala barattoota madaaluun yoo qophaaye furamu danda'a. Rakkoon fudhatamummaa dhabuu barreffamoota yeroon irra dabran waan ilaal'atuuf afaan barattooni itti fayyadamaniin yeroo wal-bira qabamu jechootaafi jechamoota barattootni hubachuu hin dandeenyne qabachuu danda'u. Kanaafuu keessummaa gamama haala dhiyaanna

caasaafi hiikkaatiin hariiroofii hanqinoonni jiraachuu malan adda baafamaniiru; rakkoo mullate irrattis furmaanni kennameera.

## **2.7. Yaaxxina Dhiyaannaa Afoolaa**

Qorannoон kun yaadiddama (yaaxxinaalee) jiran keessaa, yaadiddama sadii giddugaleeffachuun hojiitti kan hiike yemmuu ta'u, isaaniis; yaadiddama galumsaa, caaseffamaafi Aad-heddee kan jedhaman xiyyeeffate. Yaaxxinni galumsaa gareen afoolaa tokko ga'ee inni jiruufi jirenya hawaasaa keessatti haala galumsaafi itti fayyadamaa keessatti hiikaafi ergaa inni qabu qorachuuf kallattii namatti agarsiisa. Yaada kana Dorson (1972 :45) yemmuu cimsu, haala galumsa dubbii, haala waliigaltee afaanii qorachuuf ga'ee guddaa qaba.

Dabalataan iddo barbaachisaa ta'ee argamettis yaadiddama caaseffamaatti dhimmaa ba'uu danda'a; yaadiddama kana kan maddisiise nama Leves-Strauss jedhamu ta'uu, Dorson (1972) bareesseera. Maaliif yaaxxinni kun akka filatames, raawwiin sirna aadaa hawwaasaa tokkoo haala kamiin waltumsaafi waljijiiraa duraa duubummaa isaa eegee akka raawwachaa deemuuf filatamaa waan ta'eefidha. fkn.Tapha hibboo.

Dhuma irratti yaaxxinna Aad-heddee kan jedhu gargaarameera. Yaxxinnnni kun bara walakkeessa jaarraa 19ffaa nama Edward Taylor jedhamuun akka madde Bauman (2005)ni ibsa. Kun afoola adda addaa walitti fiduudhaan garaagartummaafi tokkummaa isaanii bakka tokkotti fiduun walbira qabuun qorachurratti kallattii kan qasiisu ta'uu Filee Jaallataa (2019:30) ni ibsa.

## **2.8. Sakkatta'a Qoranno Wal-fakkii**

Kutaa kana keessatti barruulee haala itti fayyadama caasaafi hiika Afoola mataduree kana waliin hariiroo yookiin walitti dhufeenyaa qabantu sakatta'amee dhiyaata. Barruuleen kunniinis, walitti dhufeenyaa Afoolawan jiran keessaa haala itti fayyadama caasaafi hiikkaa makmaaksiifi hibboon kitaaba barataa kutaa kanaa qabau ilaallata. Kutaa kana keessatti qorannoowwan garaagaraa armaan dura qorataman keessaa kallattiin qoranno mataduree kanaan waliin walitti dhufeenyaa qaban hin jiran. Alkalkallattiin kan jiran garuu, haala itti fufee jiruun dhiyaateera.

Qoranno Abdurrahmaan (2016), “Afoolaan Ogummaa Afaanii Gurguddoo Afran Barsiisuu keessatti ogummaa afaanii gurguddoo gabbisuuf kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa kuranaffaa sakatta'uun, qaaccessuu.” jedhurratti qoranno Digirii lammaffaa gaggeesseera. Argannoон isaas dandeettiwwan hunda bifa wal-qixaan barsiisuu irratti loogii qabaachuufi wayitiin barnootaa ramadame xiqqachuun isaan ijoodha. Wal-fakkeenyi qoranno kanaa dhimma

afoolaa kitaaba barataa kutaa 10ffaa ta'uun (daree barnootaa) ta'uun gartokkeen walfakkeessa. Garuu, qorannoo qorataa kanaatiin kan gargar taasisu, dhimmoonni baay'een jiru. Isaanis: tokkoffaa irratti daangaa qorannoo daree barnootaa kutaa 10ffaa gama dandeettiwwan afaniitiin qorataan armaan duraa xiinxaluufi qrataan qorannoo kanaas itti fayyadama caasaafii hiikkaa afoola lamaaniitiin ilaaluun gargar taasisa.

Gara biraan immoo qorannoo, Krste Iliev, (2019), “Comparative Lingustic Analysis Of Russian And English Proverb And Sayings” jedhurratti qorannoo gegeseera. Walfakkeenyi qorannoo kanaa dhimma afoolaafi hiikkaa isaa yeroo ta'u, argannoon qorannoo isaas hiikkaan makmaaksa Raashiyaafi Ingilizii walitti diyeenya baayyee kan qabuufi matiin Induu Irooppii aadaanis ta'e, ijaarsa makmaaksaan kan wal-fakkaatu ta'uu mullisa. Garaagarummaan qorannoo kanaa kan kiyya irraa, kan adda taasisu hiikkaa makmaaksa biyyoota lamaa ta'uufi hiikkaa makmaaksaafi hibboo daree barnootaa kutaa 10ffaa ta'uu, akkasumas kan koo caasaa isaa xiyyeffachuu garaagartummaa isaii isaan ijoodha.

## BOQONNAA SADII

### **3.MALAAFI SAXAXA QORANNICHAA**

Mata duree kana jalatti qabxiilee saxaxa qorannichaa, madda oddeeffannoo jalqabaafi lammaffaatti gargaaramuudhaan, mala iddattoofi iddatteessutiin qaacceffamee dhiyaatee jira.

Qorannoo kana keessaatti, haala itti fayyadama caasaafi hiika makmaaksaafi hibboo Oromoo kitaaba barataa barnoota afaan Oromoo kutaa 10ffaa Mana Barumsa Boorrachaa sadarkaa 2ffaa jedhu keessatti xiyyeffannoon ilaalam, dhimma mata duree qorannoo kanaa ilaaluuf immoo malli filatamaan, mala qorannoo akkamtaati (qualitative research desgn)dha. “Qorannoona yaaliifi miti-yaalii jedhamuun qoodamus, miti-yaaliin argannoon argaman bifa ibsaafi addeessaan kan dhiyaatanidha. Qonnoon qorataas miti yaalii gargaaramuun ragaa dokumentii kitaaba barattootaafi afgaaffii barsiisotaa irraa argame bifa ibsuun raga argame irratti hundaa’uun qaaccessuun danda’ameera.” Yaada kana deeggeruun barreessitootni akka

Adunyaa (2011) qacceesssa odeeffannoo yoo ibsu, “*Ragaa tokko irra deddeebi’ani dubbisuun keesoo issaa baruu, qoqqooduu, ibsuufi hiikuun adeemsa barataan tokko hordofuu qabu keessaa isaan murteessaa ta’uu hima.*” Yaada kana irraa kan hubatamu, ragaa bareeffaama tokkoo argachuuf waan barreeffame gad-fageenyaan ilaaluun sakata’uun barbachisaa akka ta’e nuhubachiisa. Qorannoona kunis kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 10nii keessatti haala itti fayya fayyadama caasaafi hiikkaa makmaaksaafi hibboo sakatta’uudhaan jechaan xiinxaluu irratti kan xiyyeffate waan ta’efidha. Yaada barreessitoota armaan olii kana giddugaleeffachuun malli qorannoo qorannichaaf filatamaadha jedhee qrataan hojiirra oolche qorannoo akkamtaa mala ibsuutiin ragaa barreeffamaa kitaaba barnootaa keessa jiruufi yaadeebii barsiisotaatiin tumsuun kitaabni barataa jalqabaa hanga xumuraatti makmaaksaafi hibboon walqabatantu sakatta’amee xiinxalame.

#### **3.1. Madda Ragaalee**

Odeeffaanno quubsaafi barbaachisaa ta’e argachuuf madda ragaa tokkoffaa/jalqabaa/fi lammaffaatti dhimma ba’ameera. Kana jechuun madda raga dursaa kan ta’e kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa dhimma itti fayyadama caasaafi hiika makmaaksaafi hibboo Oromoo kitaaba kana keessaatti dhiyaateen walqabatee jiru sakatta’uufi afgaaffi barsiisotaatti gargaarame. Kanas haala itti fayyadama caasaalee sagaleelee, jechaa,himaafi hiika makmaaksaafi hibboo kitaaba barataa jalqabaa hanga xumuraa shaakala keessas ta’e, dubbisaan

walqabatanii kitaabicha keessatti argaman addaa baasuuniifi yaada barsiisonni kennaniin gabbisuun qorannoон qulqullina qabu qakka hojjetamu yaadameetu malee, akka adeemsa qorannichaatti hanga kana yaada barsiisotaa hin barbaachisu ture.

### **3.2. Mala Iddattoofi Iddatteessuu**

Adeemsa qorannoo gaggeessuu keessatti iddattoo qorannichaa murteessuun baay'ee barbaachisaadha. Qorannoo kana keessatti, qoratichi iddattoowwan lamaan keessaa iddattoo miti-carraatti gargaarame. Sababni adeemsa kanaan odeeffannoон sassaabamu hunduu ragaa madda jalqabaa /kitaaba/ barattootaa kutaa10ffaafi afgaaffi barsiisotaa irraa waan ta'eefidha. Kunis mala qorannoo akkamtaa fayyadamuudhaan makmaaksiifi hobboon jedhame kun xiinxalame. Hanqinni itti fayyadama caasaafi hiikkaa afoola lamaan irratti mul'atu adda baasuun qorannoон kun qindaa'eera. Kanaaf, qorataan qorannoo kanaa odeeffannoо guutuu argachuuf mala iddattessuu itti yaadee (purposive sampling) fayyadamee jira. Sababni mala kanneen fayyadameef, ragaa qabatamaa kitaaba barataa kutaa 10tti gargaaramuuifi afgaaffii barsiisotaan cimsuun saayinsii barnoota afanii irratti hundaa'uun yaada hayyootaan gabbisuun, qorataan xiyeeffannaan qarannicha gaggeese.

Kitaabni barnoota Afaan Oromoo Ministeera Barnootaa Itiphiyaatiin bara 2005/2012 qophaayee manneen barnootaa hundaaf haala walfakkaatuun kan dhihaatedha. Haaluma walfakkaatuun, kitaabni qorannoون kun irratti gaggeeffamu,itti fayyadama unka caasaafi hiikkaa maakmaaksaafi hibboo kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa10ffaati. Sababiin qorataan kitaabilee barataa kutaa kanaa filateef ammoo, afoolli gama caasaa xiinqooqaan mata duree kanaan itti yaadamee kanaan dura waan hin qoratmneefi itti fayyadama caasaafi iihikkaa makmaaksaafi hibboon, galma ga'insa qulqullina barnootaatiif qabu murteessaa waan ta'eef, barsiisota afur jiran keessaa barsiisota foyyee qabaniifi barnootaan sad.M.A.qaban keessaa nama lamaaf afgaaffii mala akkayyootti gargaaramuuun qorannoون gaggeeffamee jira. Kitaabilee barnootaa sadarkaa lammaaffaa afoolli dandeettiwwan Afaanii ittiin barsiisuuf dhiyaataanii jiru garuu, gama itti fayyadama caasaafi hiikkaa makmaksaafi hibboon, qabu beekanii hojiitti hiikuufi xiyyeeffannan kennames ga'aa ta'uufi dhiisuu isaa adda baasuun hubachiisuun furmaata haarawaa kaa'uufidha.

### **3.3. Meeshaalee Funaansa Ragaa**

#### **3.3.1. Sakatta'a Dokumentii**

Qorataan qorannoo kanaaf ragaa quubsaa ta'e argachuudhaaf, meeshaalee ragicha qindeessuuf barbaachisan keessaa sakatta'a kitaaba Afaan Oromoo kutaa 10ffaa fayyadamuun gaggeeffame. Qorataan xiinxala haala itti fayyadama caasaafi hiikkaa makmaaksaaifi hibboon afaan barsiisuu keessatti qabu xiinxaluuf kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa bara 2005/2012 maxxanfame hojiirra jiru sakatta'uun, odeeffannoo qorannichaaf barbaachisu adda baasuurratti hojjete. Kanas, haala itti fayyadama caasaafi hiika Afoolaa kitaaba kana keessaatti argamu ilaachisee akkamiin caasaafi hiikkaa akkamiifi kkf...odeeffannoo argachuuf sakata'uun xinxalli gaggeeffame. Yaaduma kana irraa ka'uun makmaaksiifi hibboon kitaabilee kana keessaatti dhiyaatan gama caasaa afoolaan waan barsiisuu qabu, barsiisaniiru moo hin barsiifne kan jedhu adda baasuufi hariroo isaanii addaa baasuun qabiyyeewan makmaaksaaifi hibboo kitaaba barataa kutaa 10ffaa keessa jiru hunda sakatta'uun hariroofi garaagartummaa isaanii, adda baasuufi xiinxaluun danda'ameera.

#### **3.3.2. Afgaaffii Barsiisotaa**

Akka meeshaa funaansa ragaalee madda 2<sup>ffaa</sup>tti qorataan afgaaffii barsiisotattu yemmuu dhimma ba'u, mana barumsaa Boorrachaa sadarkaa 2ffaatti mala kaayyeffannaatiin barsiisonni muuxannoo yeroo dheeraafi sadarkaa barnootaan foyyee qabantu iddatteessu miti carraatiin caasaalee,jchootaa,himootaafi hiika makmaaksaaifi hibboo keessa jiran eenyufayiifi maal akka fakkaatan irratti barsiisonni muuxannoo qaban kun yaada bilchaataa kenu jedhamanii waan yaadamaniif barsiisota afaan Oromoo barsiisan afuriif afgaaffiin dhiyaate. Kana ilaachisuun Dastaa (2013:112-113) irraatti Yaalew (2006)wabeeffachuun akka kaa'etti, "Afgaaffiin yeroo barbaade foyya'uu danda'a. Haala odeefkennitootaa ilaalle foyyessuu dandeenya; waan hin galleef yoo jiraate gaafataa deebisee gaafachuun karaatti deebiyuu mala jechuudha."jedha. Qorataanis yaaduma kan giddu galeeffatee qorannaasaa hojiitti hiikee jira.

### **3.4. Mala Qaaccessa Ragaa**

Qorataan qorannoo kana yemmuu xiinxalu, mala akkamtaatti fayyadamuun kitaataaba barattootaa kutaa 10ffaa keessa jiran tokkoo tokkoo makmakaafi hibboo qabiyyee kitaaba barataa fuula jalqabaa hanga xumuraa jiru sakatta'uun, mala qaaccessa caasaa xiinqooqaa sadarkaa sagalee,jechaa,himaafi hiika afoola kitaaba keessa jiranu adda baasuun kan ibsameefi

afgaaffii barsiisotaan gabbatee dhiyaate. Sababni isaas, qorannichi kitaaba barataa sakatta'uun saayinsii barnoota afaanii irratti bu'uureffachuuniifi yaadeebii barsiisotaatti dabaluun yaada hayyootaan deeggeramuun ragaa qaaccessuu irratti fuulleffatee dhiyaate.

## **BOQONNAA AFUR**

### **QAACCESSAAFI IBSA RAGAALEE**

#### **4.1.Xiinxala Itti Fayyadama Caasaalee Jechootaa Makmaaksa Oromoo**

##### **Kitaaba Barataa Kutaa 10ffaa Keessatti Mul'atan**

Makmaaksiifi hibboon Oromoo kitaaba barataa kutaa 10ffaa keessatti argamu caasaalee sagalee, jechaa,himaafi hiikaa kan qabaniifi afaan Oromoo keessatti aadaa hawaasa Oromoootiin himootni makmaaksaaifi hibboon akka salphaatti akka yaadataman kan gargaaru caasaa kana ta'uufi kanneen kun amala muuziqaa /yeedaloo/ akka qabaatu kan taasisan waan ta'eef kanneen wal-bira qabuun ilaaluufi hariioo isaan qaban adda baasuun furmaatni haarawaan yoo jiraate kallattii sanaan kitaabni barataa xiyyeffannoo argatee akka qophaa'uuf deeggersa ogummaa taasisuudha. Dabalataan wal-madaalummaa caasaa sagalee,jechaa,gaalee,himaafi hiikaa kan qabaniifii jarreen kana gadifageenyaan beekuun daree barnootaa keessattis hojiitti hiikuun milkaa'ina barnootaatiif barbaachisaadha.

Akka yaada kanatti makmaaksi gabaabaafi yeedaloon miira namaa bifa hawwachuun danda'uun yeroo dheeraa kan tajaajilaa ture ta'uun beekamaadha. Shaakala kana xiinxaluun akka danda'amettis unka caasaa isaaniittiin deddeebii sagaleeleetiin kan mu'atuufi,kunis sadarkaa dhamsagaa, sagalee, jechaa, gaaleefi ciroofi himaatiin ta'uun xiinxala taasifame irraa hubachuun danda'ameera. Dabalataan damee ogumaa keessattuu, ogwalaloo keessatti miseensi bo'oowwan walaloo bu'aa bahii walqixa ta'e akka qabaatan kan gargaaru dhawata jedhama. Kun yeroo bo'oowwan aanguwwaan (stanza) walaloo keessa jiran walqixa dheeratan uumama jechuudha. Kanas fakkeenya makmaaksa gadii irraa yeedaloo isaas hubachuun ni danda'ama.

1.Hiriyaa malee dhaqxee, geggeessaa malee galte. (fuula 131)

2.Fayyaa tapha seetee, qayyaan laga ceete. (Fuula 131)

Xiinxala caasaalee jechootaa himoota armaan olii irratti yeedaloo uuman, akka fakkeenya shaakala oliirraa xiinxaluun danda'amuutti sadarkaa dhamsagaatti himootni lama (2) sagaleenumti gurraacheffame deddeebiyee argamuun yeedaloo sadarkaa dhamsagaan kan uuman yemmuu ta'uun, hima jalqabaa irratti himoonni lama walqabatanii gochima agarsiisan "dhaqxeefi galte" kan jedhaniifi himoota lammataa irrattis, akkuma isa jalqabaa jechoota gochima agarsiisan irratti dhamsagni "-e'n deddeebitee yoo duftu yeedaloon uumameera. Gara isa 2ffaatti yoo

dabarru “seeteefi ceete”kan jedhantu sagaleeleen hundi haala jedhamuu danda’uun deddeebi’uun ni mul’atu, “seeteefi ceete” yeroo deddeebii isaaniitiin xiinxallu, see-t-eefi cee-t-e dhamjechi jalqabaa deeddeebii agarsiisu, garuu “s-fi c-“ irrattiifi dhamjechi jecha jalqabaa “-ee” qofatu dheerate malee, marmaarsi heddhuminaan jechoota kana keessatti mul’achuun mana rukkutuu danda’eera. Marmaarsa sagaleelee kanaatiiniis hiika akka laayyootti akka hubannu haala mijeessaniiru jechuudha.

Makmaaksonni Oromoo kitaaba barataa kutaa 10ffaa keessatti marmaarsa sadarkaa jechoota makmaaksa hima dachaa keessaatti muul’atuun yeedaloon kan uumame ta’uu shaakala itti fufee jiru irraa hubachuun ni danda’ama.

### 3.Ollaan bultee **beeka**, akka itti bule abbaatu **beeka**. (fuula-116)

Makmaaksa hima armaan olii kana yeroo xiinxallu, irra deddeebii jechoota ciroo of danda’aa lamaan irratti mul’atu, kanneen gurraacheffamanii fakkeenyaa 3ffaa irratti dhiyaatan jecha “**beeka**” jedhu irra deddeebiin dhiyaate irraa kan hubatamu ta’uifi jechoota gochimaa hima ciroo of danda’aa irratti, gochimootni ciroo lamaan irratti irra deddeebii jechootaa uumuun walmadaalummaa qaxxaamuraatiin makmaaksi kun yeedaloo akka qabaatu taasisee jira; kunis hiika makmaaksa kanaa himuuf akka salphtu taasisee jira jechuudha.

Makmaaksi kutaa 10ffaa akka fakkeenyatti armaan gaditti dhiyaate kun irra deddeebii gaaleewwanii uumamuun yeedaloon afoola kana keessatti akka uumamu ta’ee jira, kanas shaakala armaan gadii irraa ilaaluun ni danda’ama.

### 4.**Akka baran** osoo hin taane, **akka baraa** bulan.(fuula 162)

Irra deddeebiin gaaleewwanii hibboo kanaa kan namatti agarsiisu, irra deddeebii gaaleewwanii jalqaba, gidduufi dhuma makmaaksota adda addaa keessatti kan mul’atu ta’us, kitaaba kutaa 10ffaa kana keessatti garuu, kanneen gurraacheffamanii dhiyaatan jalqaba makmaaksaa hima dachaa irratti qofa, irradeddeebii uumuun walmadaalummaa walfakteensaatiin yeedaloo kan uume ta’uu, hubatama. Fakkeenyaaaf “**Akka baran....,akka baraa....**” Kan jedhu kana irratti matihima mul’istuu “-n” qofaan adda ta’ a jechuudha, kanas, xiinxala gaggeeffame irraa hubacuun danda’ameera.

Makmaaksi Oromoo kitaaba barataa kutaa 10ffaa wal-madaalummaa /wal-qixxummaa geengawaa/tiin kan uumaman ta’uusaa hubacuun ni danda’ama; walmadaalummaan kunis

sadarkaa jecha walmadaalanii, ciroon wal-madaalaniifi, himoota wal-madaalaniitiin, kan uumaman ta'uu xiinxala kitaaba barataa kutaa 10ffaa irratti gaggeeffame kana irraa hubachuun ni danda'ama; yaada kanas yemmuu yaada hayyuu kanaatiin cimsinu haala itti aanuun dhiyaateera:

There are two main methods by which the elements can be placed in parallel (i) *Syndetic coordination*, and (ii) *Asyndetic coordination*. In syndetic coordination the terms are explicitly linked by conjunctions such as *and*, *or*, and *but*, and the elements of the proverb are bound together in a cohesive grammatical unit. syntactic parallelism is medial ellipsis or *gapping* (Greenbaum & Quirk, 1990: 279; Fabb, 1997:147). This is the omission of a lexical element, usually a verb, in the second half of the binary structure.

Wal-madaalummaan sadarkaa jechaan walqabsiistuu gargaaramuu walitti dhufan haala armaan gadiin xiinxalamaniiru.

5.Halagaafi dukkana itti hindallanan. (fuula 116)

6.Bokkaafi abbaa fardaa jalaa goru. (fuula 131)

7.Gaabbiifi eegeen booda dhufti. (fuula 162)

Akka fakkeenyaa 5-7 armaan olii jiran kanaatti wal-madaalummaa sadarkaa jechaatti walqabsiiftuun walitti dhufan kutaa 10ffaa irraa sadii (3) yoo ta'uu innis 5faa “**alagaafi dukkana**”, 6ffaa “**bokkaafi abbaa fardaafi**” 7ffaa irratti “**gaabbiifi eegeen**” walmadaalummaa kan agarsiisu yoo ta'u, wal-madaalummaan isaas 5ffaa maqaafi maqaa, 6ffaa maqaafi maqaaifi, 7ffaa maqaa uumamteefi maqaa kan wal-madaalchise ta'uu, xiinxala kana irraa hubacuun ni danda'ama.

Wal-madaalummaan makmaaksa Oromoo keessatti haala ciroo wal-madaalan lamaatiin kitaaba batrataa kutaa 10ffaa kana keessa jiraachuufi kunis wal-qabsiistuu osoo hin gargaaramiin kan walitti dhufan ta'uu, shaakala armaan gaditti akka fakkeenyatti fudhatame irraa hubachuun ni danda'ama.

8.Gowwaa kolfisiisanii, ilkaan isaa lakkaa'u. (fuula 131)

- Gow-waa kol-fi-sii-sa-nii, il-kaan i-saa lak-kaa-'u (ciroo birsaga 7)

Makmaaksota armaan olii kana walmadaalummaa ciroo irkataafi ofdanda'aa isaanii birsaga jaraatiin yeroo xiixallu, ciroon irkataa jalqaba himaa birsaga 7 kan qabuufi kan lammaffaas akkasuma birsaga walfakkaataa kan qabu ta'uu, isaaniifi kunis, wal-madaalummaa birsagaatiiniis ta'e, hiika ciroo armaan olitti mul'atu irraa haala wal-madaalummaa waliif faal'aatiin hiikas kan agarsiisan ta'uu xiinxala taasifame irraa hubachuun danda'ameera.

9.Akka baran miti, akka baraa bulu. (fuula 131)

- Ak-ka ba-ran mi-ti, ak-ka ba-raa bu-lu. (ciroo birsaga 6)

Makmaaksa armaan olii fakkeenya 9ffaa kana irraa akka hubachuun danda'amuutti wal-madaalummaa ciroo of danda'aa lamaan "wal-madaalan lamaa" fi birsagoonni jaraas ofdanda'anii kan jiran ta'uu, hima jalqabaafi lammaffaa irrattis birsaga ja'a ja'aan kan qoodame ta'uu isaafi kunis wal-madaalummaa birsagaatiiniis ta'e, ciroofi hiika jaraa armaan olitti haala waliif faal'aatiin dhiyaatan irraa walmadaalummaa guutuu kan agarsiisan ta'uu xiinxala taasifame kana irraa hubachuun nidanda'ama.

Walmadaalummaa wal-qabsiistuu malee bakka duwwaa ambisuun walitti dhufan himoota wal madaalummaa qaban lamaan kan dhiyaatuufi hima gara jalqabaa yookiin xumura makmaaksa keessatti bakka duwwaan hambisuun kan dhiyaachuu danda'u ta'a, kun makmaaksa Oromoo keessa hedduminaan jira. Kunis ciroo rarra'ee hafe haala dubbii qolaa jalqabaa yookiin, kan xumuraa xiixaluun kan itti fufee jiru yookiin dursee dhufe, akka tilmaaman gargaara. Kanas yaada hayyootaan yoon deeggeru: Greenbaumfi Quirk (1990:29) stated that "*another feature associated with syntactic parallelism is medial ellipsis or gapping. "This is the omission of a lexical element, usually a verb, in the second half of the binary structure."* jedha.

10.Ollaan bultee beeka,\_\_\_\_\_. (fuula 116)

11.Kan sangaan iyyuu malu,\_\_\_\_\_. (fuula 116)

12.\_\_\_\_\_.gaggeessa malee galte. (fuula 131)

Akka hibboo himoota 10-12 armaan oliirraa hubachuun danda'amuutti wal-madaalummaan kan uumame 10ffaa irratti ciroo ofdanda'aa wal-madaalan lama akka shaakalaniif hima lammaffaa kutee hambise;<sup>11ffaa</sup> fi <sup>12ffaa</sup> ciroo hirkataafi ofdanda'aa himoota lamaanii kutee hambisuun dandeettii barreessuufi jechoota qindeessuu barattootaa wal-madaalummaatiin ciroo lama irraa makmaaksa akka qindeessan taasise jechuudha.

## 4.2.Xiixala Caasaalee Jechoota Hibboo Oromoo Kitaaba Barataa Kutaa

### 10ffaa Keessatti Mul'atan

Hibboon hedduminaan qindoomba hima lamaafi sanaa olirraa kan ijaaramuufi yaada ogummaa hawaasaan deeggeramee kan qindaa'uufi yeroo baayyee haala walaloofi caasaa sagaleelee giddugaleeffachuuun haala muuziqaatiin akka miira namaa hawwatutti kan dhiyaatu ta'uu xiinxala armaan gadiirraa hubacuun ni danda'ama. Kunis sagaleeleen dubbifamaafi dubbachiiftuu dhuma hibboo kanaa deddeebiyuun yeedaloo yeroo uumantu mul'ata. Yaada kanas yaada hayootaan yoon gabbisu, *Structurally, redbles are binary constructed. Binary construction means adivision of redbles into two parts to balance and make them witty and artful (Abrahams 1972:46).*

13.Ari'anii hin **qaban**,taa'anii hin **dhaban**. (fuula 144)

14.Qaalluu hin **qabdu**, irreessa hin **dhabdu**.(fuula 156)

15. Haati nama ilaalti, ilmoon nama nyaatti. (fuula 155)

16.Kophaa deemtu, hin sodaattu. (fuula 155)

17.Haati ni arraabdi, ilmoon ni ciniinti.(fuula 155)

18.Abbaa fakkaataa, baala nyaata.( fuula 156)

Himoota armaan olii hibboo akka fakkeenyatti 13-18tti dhiyaate yeroo ilaallu, shaakala adda addaa kitaaba barataa kutaa 10ffaa jalaa kan fudhatamaniifi, himoonni dachaa hibboo keessatti haala jechoonni himoota kanaa haala dachaadhaan dhiyaate, sagaleeleen deddeebiyani himoota dachaa keessatti dhaga'amuun mana rukkutu, fakkeenyaf, hobboon 13ffaafi 14ffaa jalqabaafi himoonni lammaffaanumti isaanii waltti dhufanii sagaleeleen dubbifamaafi dubbachiiftuu dhuma himoota dachaa irratti marmarsi kan mul'atuufi, jechoonni xumuraa lamaan "qa-**banfi** dha-**ban**"fi "qabdu, dhabdu" birsaga dhuma irratti deddeebiyani mullachuun yeedaloo uumaniiru jechuudha., 15ffaa **immoo** "ilaalti, nyaatti" latii/fufii/ xumuraa irratti marmaarsa mul'ateen yeedaloon uumame jechuudha. Kanneen 16,17,18 immoo qubeedhuma xumuraatu marmaaruun yeedaloon akka uumu taasise jechuudha. Kanas xiinxala sagaleeleen dhuma hibboo armaan olii gurmaacheffamanii xiinxalamaniifi yaaddeebii barsiisonni kennan irraa hubachuun nidanda'ama.

Hibboo keessatti jechoonni jalqaba, gidduufi dhuma hibbootti irra deddeebii jechootaa, uumuun yeedaloon (amalli muuziqaa) akka uumamu taasisuun afoola hawaasaa keessattis ta'e, kitaaba barataa kutaa kanaa keessa akka jiru, xiixala armaan gadiirraa hubachuun ni danda'ama.

19. Amma majii **geessi**; biyya waliin **geessi**. (fuula 144)

20. **Osoo** boossuu kofalti; **osoo** hootuu mar'atti. (fuula 156)

21. Kan **shantamni** dhaabe; **shantamni\_hinbuqqisu**. (fuula 144)

Hibboon armaan olii tartiiba lakkofsa 19-21 irratti gurraacheffamanii kaa'aman irra deddeebiin jechoota xumuraa, jalqabaafi gidduu himaatti yeedaloo haalaan kan uuman yemmuu ta'uu, "19, 20, 21"n himoota wal-madaalan lama irratti walitti dhufuun yeedaloos kan uumanifi garee jechootaa 19ffaa irratti DD+M+G, M+DD+G, 20ffaa DD+G+G, DD+ G+G, 21ffaa DD+MI+G, MI+G irraa himoonni kan ijaaran ta'uu xiinxala taasifame irraa hubachuun danda'ameera.

Hibboon akkuma makmaaksaa deddeebii gaaleewwanii jalqaba, gidduufi dhuma hibboo irratti taasisuun miira namaa akka hawwatu/kakaasu/ taasisuun yeedaloo uumaniru jechuudha.

22. Ayyas **hin fakkaatu**, aabbas **hin fakkaatu**. (fuula 144)

23. **Waan sadii,waa sadii** baata. (fuula 156)

Akka himoota fakkeenyummaatiif 22fi 23 irratti dhiyaate irraa hubachuun danda'amuttis himoota hibboo jalqabaa irratti, gaaleen xumuraa lamaan mana rukkutuu irra darbanii, gaaleedhuma tokorra deddeebiyas. Kan lammaffaarra jirus, hiibboon ciroo hirkataafi ofdanda'aa irraa kan ijaarameefi yeedaloon ciroo jalqabaafi lammaffaa akka isa jalqaba irraa, deddeebii gaalee uumuun yeedaloo umee jiraachuu xiinxalala gaggeeffame kana irraa hubachuun ni danda'ama.

Wal-madaalummaan himoota hibboo keessaatti yeroo baayyee kan dhiyaatu himoota wal-madaalan lamaan kan uumamu yeroo ta'u, makmaaksa irraa kan adda isa taasisus, hibboon kan dhiyaatu hiika hibboo kennuun barbaachisaa ta'uufi deebiin osoo hin kennamiin(hin argamiin) yookiin beenyaa deebii dogoggoramee utuu lafti hin kennamiin maal nadhibdeen bira darbamee hin eebbfatamu, kanaaf wal-madaalummaan isaa jechaan, ciroon hanga kana xiyyeeffanna hin qabu; wal-madaalummaan himoota isaas haala itti aanuun xiinxalamee jira.

24. Haati ni arraabdi, ilmoon ni ciniinti. (fuula 155)

25. Amma majii geessi, biyya waliin geessi. (fuula 144)

26. Ayyas hin fakkaatu, aabbas hinfakkaatu. (fuula 144)

27. Ossoo boossuu kofalti, osoo hootuu mar'atti. (fuula 156)

- Haa-ti ni ar-raab-di; il-moon ni ci-niin-ti. (fuula 155)
- Am-ma ma-jii gees-si; biy-ya wa-liin gees-si. (fuula 144)
- Ay-yaas hin fak-kaa-tu; aab-bas hin fak-kaa-tu. (fuula 144)
- O-soo boos-suu ko-fal-ti; o-soo hoo-tuu mar-'at-ti. (fuula 156)

. Wal-madaalummaan hibboo armaan olii himoota wal-madaalan lamaan ykn. himoota xumura qaban lamaan kan uumamu yeroo ta'u, kanas haala wal-walmadaalummaa waliifaal'atiin kan dhiyaataniifi himoota kanaas birsaga isaaniitiin yemmuu xiinxallu, 24-26tti caasaan hima jalqabaas ta'e xumuraa birsaga 6 irraa kan ijaarameefi '27'ffaan birsaga 7 irraa kan qindaa'an ta'uu xiinxala armaan olitti gaggeeffame irraa hubachuun danda'ameera. Caasaa himaa kana keessatti wal-madaalummaa himaas ta'e, wal-madaalummaan hiikaa haala waliif faallaatiin ergaa isaanii dabarfataniiru jechuudha.

### **4.3. Hariirowwan Sagaleelee, Jechootaa Makmaaksafi Hibboo Oromoo**

#### **Kutaa 10ffaa Keessa Jiran**

Makmaaksiifi hibboon Oromoo kitaaba barataa kutaa 10ffaa keessa jiranu, hariioo afoola uummatummaa qabaachuu irra darbanii sagaleelee makmaaksa keessattis ta'e, hibboo keessatti xumura himoota dachaa keessattis ta'e ciroo keessatti iddo adda addaatti mul'atuufi shaaka olii irrattis ta'e itti fufee jiru irraa hubachuun ni danda'ama.

28. Makmaaksa- Fayyaa tapha seetee, qayyaan laga ceete. (fuula 131)

29. Hibboo- Ari'anii hin **qaban**, taa'anii hin **dhaban**. (fuula 144)

Himoota makmaaksafi hibboo armaan olii 28-29tti akka fakkeenyatti fudhataman kana yeroo ilaallu, himoonni hibboos ta'e, makmaaksa keessatti sadarkaa dhamjechatii hanga cirootti sagaleeleen yookiin jechoonni marmaaruun yeedaloo haa uuman malee, hibboon kutaa 10nii kun yeroo hedduu himoota xumura qaban lamaantu, yeedaloo kan uuman ta'uu xiinxala gaggeeffame irraa hubachuun danda'ameera.

Makmaaksonniifi hibboon iddoo adda addaatti irra deddeebii jechootaa hima hibboo keessaati akka uuman xiinxala armaan olitti taasifameefi kanneen armaan gaditti akka fakkeenyatti dhiyaate irraa hubachuun ni danda'ama.

30.Makmaaksa- Ollaan bultee **beeka**, akka itti bule abbaatu **beeka**.(fuula 116)

31.Hibboo- Amma majii **geessi**; biyya waliin **geessi**.(fuula 144)

Shaakalootni armaan olii kun lamaan 30fi 31 irra jiru makmaaksafi hibboo akka fakkeenyatti fudhachuun afoola lamaan giddu galeeffachuuun dhiyaate, irraa akka hubannutti irra deddeebii jechootaa hima jalqabaafi hima 2ffaa gurraacheffamanii barraa'an, himoota dachaa keessatti mu'atan irratti yeedaloon kan uumame ta'uufi makmaaksiifi hibboon himoota wal-madaalan lama irratti jechoota jalqabaa gidduufi xumuraatiin haala yeedaloon uumuun kan dhiyaachuu danda'u ta'u xiixala shaakala kanaafi yaanni odeefkennitootni himanis yaaduma olii kana kan tumsau ta'uu xiixala gaggeeffame irraa hubachuun ni danda'ama.

Makmaaksonniifi hibboon irra deddeebii gaaleewwanii jalqaba, gidduufi dhuma caasaalee makmaaksafi hibboo irratti kan uuman ta'uu xiinxala armaan gadii irraa hubachuun ni danda'ama.

32.Makmaaksa-Kan **shantamni** dhaabe; **shantamni**\_hinbuqqisu. (fuula 144)

33.Hibboo- Ayyas **hin fakkaatu**, aabbas **hin fakkaatu**.(fuula 144)

34.Hibboo -**Waan sadii,waa sadii** baata. (fuula 156)

Akka himoota fakkeenyä armaan olii 32-34 gurraacheffamanii kaa'aman irraa hubachuun danda'amutti makmaaksiifi hibboon irra deddeebiin ciroo jalqabafi xumuraa irratti, irra deddeebiyuun iddoo adda addaatti walmadaalummaa walfakteensinsaatiin akka mullatu shaakala dhiyaate kana irraafi yaada odeef kennitootaa irraa hubachuun ni danda'ama.

Makmaksonniifi hibboon ijaaromsa caasaa garee jechootaa isaniitiin durduubeen maqaa dursuun bakka mat-himaa qabachuun amala addaa afoolli kun lamaan qaban agarsiisa; kunis haala armaan gadiin xiinxalameera.

35.Makmaaksa -Kan sangaan iyyuu, malu qacceen iyyiti. (fuula 116)

36.Hibboo -Waa sadii, waa sadii baata. (fuula 156)

Makmaksotaafi hibboon lamaan akka fakkeenyatti dhiyaate kana yeroo xiinxallu, makmaaksi "Kan sangaan iyyuu, malu qacceen iyyiti" jedhu garee jechootaa DD+M+G, DD+M+G, irraa kan

qindaa'eefi hibboon "Waa sadii, waa sadii baata" jedhu, DD+DD,+DD+DD+G irraa kan ijaarame ta'uu xiinxala 35ffaafi 36ffaa irratti gaggeeffamee hubachuun ni danda'ama. Kun immoo amala addaa makmaaksi agarsiise ta'uu, xiinxala gageeffame irraa hubachuun ni danda'ama; dabalataan hibboon hedduun mathima isaa keessa gochima da'uun dhiyeessuu xiinxala fakkeenya 10,14,25,27,ffaafi 31ffaa akkasumas shaakala biroo akka fakkeenyaatti dhiyaachaa turan irraa hubachun dnda'ameera.

#### **4.4.Xiinxala Caasaalee Himootaa Makmaaksa Oromoo Kitaaba Barataa**

##### **Kutaa 10ffaa Keessa Jiran**

Makmaaksi salphatti akka yaadatamuufi hubatamu, yeroo baay'ee gahee kan taphatu unka maloota ogumaa (rhetorical device--kanneen sagalee irratti hundaa'an)fi maloota seerluga irratti hundaa'an kanneen mammaaksi fayyadamu keessaa isaan ijoo waan ta'aniif haala itti fufee jiruun qorataan duraa duubaan xiixalee jira.

Makmaaksa hunka caasaa hima isaaniitiin hima salphaa,hima dachaa, hima xaxamaa, hima dachaa xaxamaa jedhamanii kan qoodamuu danda'an ta'uu namatti mul'sa. Maaliif isa jedhuuf immoo afoolli kun lamaan ijaaromsa caasaa himootaatiin ala ta'uu waan hin dandeenyefidha.

##### **4.4.1.Hima Salphaa Makmaaksa Kitaaba Barataa Kutaa 10ffaa Keessatti**

Himni salphaaakkuma maqaa isaa salphaa ta'uu, isaafi ergaa guutuu tokko kan dabarsu akkasumas xumura tokko qofa kan qabu ta'uu, qortaan yaada hayyoota adda addaa raga bahan keessaa tokko akka cimsa yaada kanaatti gargaarameera. "*The most basic sentence is the simple sentence, which contains one main clause (subject and predicate) and no subclauses. They appear in both affirmative and negative*" (Coinnigh 2014: 113): Kanaaf makmaaksi kutaa 10ffaa kana keessatti hima salphaatiin dhiyaate kana waliin wal-qabatan akka itti aanuutti qaacceffamaniiru.

37.Halagaafi dukkana itti hindallanan.(fuula 116)

38.Bokkaafi abbaa fardaa jalaa goru.(fuula 131)

39.Gaabbiifi eegeen booda dhufti. (fuula 162)

Shaakala fakkeenya 27-39 olii kitaaba barataa kutaa 10ffaa kana yeroo ilaallu, makmaaksa hunka caasaa isaaniitiin garee jechootaan ilaallus, 37ffaa M+M+DD+G, 38ffaa M+M+M+DD+Gfi

39ffaa X+M+DD+G irraa kan ijaaramaniifi xumura tokko qofa kan qaban ta'uufi caasaa himoota salphaa illee barattoota haala kanaatiin shaakalchiisuu akka danda'amu, caasaan, himaa kunis kitaaba kana keessa jira garuu, afoola barsiisuuf yookiin dadeettiwwan afaanii barsiisuuf malee, hunka caasaa seerlugaa barsiisuuf akka dhiyaachuu danda'u hubacuufi hojiitti hiikuun barbaachisaadha.

#### **4.4.2.Hima Dachaa Makmaaksa Kitaaba Barataa Kutaa 10ffaa Keessatti**

Himni dachaa akkuma himootaa kaanii makmaaksa keessattis walta'iinsa himoota salphaa lama irraa kan ijaaramu, qoodduutiin kan qoodaman ta'uufi ciroo lamaaf isaa ol qabaachuu danda'a. Yaada kanas yaada hayyootaan yeroon cimsu, "Compound sentences possess multiple independant clauses which are separated by a coordinator. There is a grammatical equality in these sentences, which balances the two clauses against one another through a central fulcrum in the shape of the coordinator." (Cioinnigh, 2014: 114): Fakkeenya

40.Harkii kennaa barte, muraaquutu socho'a. (fuula 116)

41.Hiriyyaa malee dhaqxee,gaggeessaa malee galte. (fuula 131)

Shaakala fakkeenya 40-41 olii kana yeroo ilaallu, unka caasaa hima isaaniitiin hima dachaa ofkeessaa qabaachuun isaa shaakala kutaa kanaaf dhiyaate irraa hubachuun ni danda'ama; kunis garee jechaa isaaniitiin 40ffaa M+MI+G, M+Gfi 41ffaan M+DD+X,MI+DD+G irraa kan qindaa'an ta'uufi tokkoon tokkoo himoota jalqabaafi lammaffaa keessaa xumurra lama lamaan, kan jiru ta'uu xiinxala taasifame irraa hubachuun danda'ameera.

#### **4.4.3.Hima Xaxamaa Makmaaksa Ktaaba Barataa Kutaa 10ffaa Keessatti**

Himni xaxamaa makmaaksaas akkuma himoota kaanii ciroo hirkataa tokkoofi isaa oliifi ciroo of dada'aa tokko qabaachuufi ciroon ittiin dhiyaatanis maqaafi ibsoota adda addaan dhiyaachuu akka danda'an beekamaadha. Kanas yeroo yaada bareessitootaan deggerru, "Complex sentences contain one clause and one or more subclauses. The subclauses may be adjectival, nominal, or adverbial." (Cioinnigh, 2014: 114).

42.Kan sangaan iyyuu malu, ***qacceen iyyiti.*** (fuula 116)

43.Harki kennaa barte, ***murquutu socho'a.*** (fuula 116)

44.Qalbii malee, ***ijji hinagartu.*** (fuula 116)

45.Fayyaa tapha seetee, *qayyaan laga ceete*. (fuula 131)

46.Gowwaa kolfisiisanii, *ilkaan isaa lakkaa'u*. (fuula 131)

Shaakala akka fakkeenya 42-46tti armaan olii irraa agarruutti, himni xaxamaa kutaa kanaa haala gaggabaabaa ta'een ciroo hirkataa tokkoofi ciroo of danda'aa tokko qofaan kan dhiyaateefi ciroo hirkataan fakkeenya 42-46 kanneen jiran kanneen jalqabaa ciroo hirkataan kan dhiyaatan yoo ta'u kan gurraacheffaman ciroo of danda'aatiin kan dhiyaatanidha. Ijaaromsa garee jechootaa isaaniitiinis 42ffaa DD+M+G+DD,M+G, 43ffaa M+MI+G,M+G, 44ffaa M+DD+M+G, 45ffaa MI+MI+X, GI+M+Gfi 46ffaa MI+GI+M+M+G irra akka ijaaramaniifi hima xaxamaas haala kanaan caasaa afoolaa barsiisuun kan danda'amu ta'uu xiinxaa gaggeeffameeffi yaada odeefkennitootni kennan irraa hubachuunis nidanda'ama.

#### **4.4.4.Hima Dachaa Xaxamaa Makmaaksa Kitaaba Barataa Kutaa 10ffaa**

##### **Keessatti**

Himoonni dachaa xaxamaa yoo xiqqate ciroo hirkataa lamaafi isaa oliifi hima salphaa tokkoofi isaa ol kan of keessaa qabanidha. Makmaaksa Oromoo kitaaba barataa biroo keessa, himni haala kanaan qidaa'uu baayyinaan jira; garuu haala ulfaatina isaatiin kutaa 10ffaatiif hedduminaan caasaan kun osoo dhiyaachuu qabuu afoola caasaa hima dachaa xaxamaatiin kutaa kanaaf kan dhiyaate hin jiru. Caasaa haala kanaan dhiyaatus, yaada hayyootaan yeroon tumsu haala armaan gadiin gabbatee jira.

“...is the most syntactically complicated type as it often features a multiplicity of clauses and subclauses. The minimum syntactic requirement is for at least two clauses and one subclause. The complex, extended structure is prohibitive to proverb composition, presumably because they are more difficult to memorise and recall in speech situations” (Cinnigh 2014: 115)

Walumaagalatti makmaaksi unka caasaa himoota isaaniitiin; hima salphaa, hima dachaa, hima xaxamaa, hima dachaa xaxamaa jedhamaniin kan qoodamaniifi caasaa himoota makmaaksaas haala kanaan barsiisuun kan danda'amuufi makmaaksis iddo kanatti caasaa barsiisuuf akka meeshaa kaka'umsaatti (meeshaa gargaarsa barnootaatti) kan gargaaru ta'uu xiinxala taasifame irraa hubachuun ni danda'ama.

## **4.5.Qaaccessa Caasaalee Himootaa Hibboo Oromoo Kitaabilee Barataa**

### **Kutaa 10ffaa Keessa Jiran**

Hibboon galumsa hunka caasaa himoota isaaniitiin akkuma himoota biroo hima salphaa, hima dachaa, hima xaxamaa, hima dachaa xaxamaa jedhamanii qoodamuu akka danda'an qorataan xiinxala isaa itti fufee jiruun mirkaneessuu danda'eera.

#### **4.5.1.Hima Salphaa Hiboo Kutaa 10ffaa Keessatti**

Akkuma caasaa himoota kaanii hibboon hima salphaan kan dhiyaatuufi himni kun akkuma maqaa isaa irraa hubatamutti ergaa guutuu kan dabarsuufi xumura tokko qofa kan qabudha. Kanaaf makmaaksi kutaa 10ffaa caasaa kanaan dhiyaateefi fakkeenyaa gaarii ta'us, akka itti aanuutti qaacceffamaniiru; Barreessaan. (Coinnigh 2014: 113) jedhamus yaaduma kana cimsa.

47.Du'a booyicha hin qabne. (fuula 144)

48.Faaya manatti hin suuqamne (fuula 114)

Hibboo shaakala kitaaba barataa kutaa 10ffaa kana yeroo ilaallu, hibboon hunka caasaa hima isaaniitiin, hima salphaan kan dhiyaacchuu danda'aniifi caasaan himoota salphaas, xumura tokko qofa kan qabuufi garee jechaa isaaniitiinis, 47ffaan M+M+Gfi 48ffaa M+M+DD+G irraa kan qindaa'aniifi haala kanaan caasaa himootaa barattoota shaakalchiisuu kan danda'amufii caasaan hima salphaa, kitaaba kana keessas ta'e, hibboo Oromoo keessa akka jiru xiinxala kana irratti taasifameefi yaada deebii odeeif kennitootaa irraa hubacuun danda'ameera.

#### **4.5.2.Hima Dachaa Hiboo Kutaa 10ffaa Keessatti**

Hibboo keessatti himni dachaa walta'iinsa himoota salphaa lama irraa kan ijaaramufi himoota hiriyyee (wal-madaalan lamaan) kan qoodaman ta'uufi ciroo lamaafi isaa ol qabaachuu akka danda'an xiinxala armaan gadii irraa hubachuun ni danda'ama. Kana ilaalciisee (Coinnigh 2014: 114) akkas jedha, "*Compound sentences possess multiple independant clauses which are separated by a coordinator. There is a grammatical equality in these sentences, which balances the two clauses against one another through a central fulcrum in the shape of the coordinator.*" Jedha.

49.Amma majii geessi, biyya waliin geessi.(fuula 144)

50.Ari'anii hin qaban,taa'anii hin dhaban.(fuula 144)

51.Ayyas hin fakkaatu, aabbas hin fakkaatu.(fuula 144)

52.Haati ni arraabdi, ilmoon ni ciniinti. (fuula 155)

53.Osoo boossuu kofalti, osoo hootuu mar'atti. (fuula 156)

Shaakala olii kana yeroo ilaallu, unka caasaa hima isaaniitiin hima dachaan kan dhiyaate kutaa 10ffaa kana keessa jiraachuu haalaan namatti agarsiisa. Kanas hunka caasaa ijaaromsa garee jechaa isaaniitiin 49ffaa DD+M+G,M+DD+G, 50ffaa XI+G, XI+G 51ffaa M+G, M+G, 52ffaa M+G, M+G, 53ffaan DD+G+G, DD+G+G irraa kan qindaa'aniifi, irra jireessi caasaa afoola kanaa himoota hiriyyee (wal-madaalan lama) hedduminaan kan qabuufi quodduu jabaatiin walitti dhufuu akka qabufi xumura lama irraa kan ijaarame ta'uu xiinxalamee jira.

#### **4.5.3.Hima Xaxamaa Hibboo Kutaa 10ffaa Keessatti**

Himni xaxamaa hibboo akkuma caasaa himoota kaanii ciroo irkataa tokkoofi isaa oliifi ciroo of dada'aa tokko qabaachuu isaafi ciroon ittiin dhiyaatanis maqaafi ibsoota adda addaan dhiyaachuu akka danda'an xiinxala armaan gadii irraa hubacuun ni danda'ama. Bareessaan (Coinnigh 2014: 114) yaaduma kana deeggera.

54.*Ija wajjin dhalateef*, osoo hin ilaaliin duuti. (fuula 144)

55.*Kophaa deemtu*, hin sodaattu. (fuula 155)

56.*Kan shantamni dhaabe*; shantamni hinbuqqisu. (fuula 144)

Shaakala olii kana yeroo ilaallu, himni xaxamaa kutaa kanaa haala gaggabaabaa ta'een ciroo hirkataa tokkoofi ciroo of danda'aa tokko qofaan kan dhiyaateeffi ciroo hirkataan himoota 54-56 ciroo hirkataa yeroo ta'an, kan hin gurraachofne himonni caasaa lamaffaa immoo ofdanda'aa yeroo ta'u, akka ciroon kun hirkatu kan taasisan dham-jecha maqaafi xumuratti maxxante 54ffaa'f, 55ffaa"u" 56ffaan"n", jedhamantu hirkatoo akka ta'an taasise jechuudha; yaaddeebiin barsiisotaas xiinxaluma olii kana gabbise.

#### **4.5.4.Hima Dachaa Xaxamaa Hibboo Kutaa 10ffaa Keessatti**

Hibboo Oromoo kitaaba barataa 10ffaa keessaatti himni dachaa xaxamaa akkuma caasaa himoota kaanii, yoo xiqqate ciroo hirkataa lamaafi isaa olfii hima salphaa tokkoofi isaa ol kan of

keessaa qabu ta'us, himni kun haala ulfaatina isaan kutaa 10faatiif hedduminaan dhiyaachuu qaba ture, garuu hibboon caasaa kanaan kutaa kanaaf dhiyaate hima tokko qofa ta'uu xiinxala kitaaba barataa kutaa kanaa irratti gaggeeffe irraa hubachuun ni danda'ama; kunis haala itti fufee jiruun qaacceffamee jira.

### 57. Shaa jedhus, shanbaa jedhus, hin dhangala'u. (fuula 115)

Akka fakkeenya 57ffaa kitaaba barataa kutaa kanaaf dhiyaate armaan olii irraa hubachuun danda'amutti himni dachaa xaxamaa akka fakkeenyaatti dhiyaate kun ciroo hirkataa lamaafi ciroo ofdanda'aa tokko irraa kan qindaa'e ta'uu, xiinxala gaggeeffame irraa hubachuun ni danda'ama. Caasaan kunis hibboo kutaa 10ffaa kana keessa malee, makmaaksa kutaa kanaa keessa akka hin jirre xiixala makmaaksaa jalatti qorataan taasise irraa hubachuun danda'ameera.

Walumaagalatti hobboon unka caasaa himoota isaaniitiin akkuma makmaaksaa; hima salphaa, hima dachaa, hima xaxamaa, hima dachaa xaxamaa jedhamaniin kan qoodamaniifi tokkoo tokkoo fakkeenya isaaniitiinis xiinxalamee jira; caasaa himoota hibboo kanaa barttoota barsiisuunis akka danda'amu xiinxala gaggeeffameefi yaada odeefkennitootaa irraa caasaan hima dachaa xaxamaa jiraatus xiyyeefannaa ballaa akka hin qabne, hubachuun danda'meera.

## 4.6. Xiinxala Hiikka Makmaaksotaa Oromoo Kitaaba Barataa Kutaa 10ffaa

### Malleen Dubbiitiin

Malleen dubbii makmaaksa keessatti dandeettii waa achi fageessanii yaaduufi battala tokkotti hin hubatamne, hiika mul'ataafi dhokataa (walitti hin dhufne garuu hariroofi walitti dhufeeny argayaadaan arginu) walitti siqeentya jaraa barbaaduun akka riqichaatti kan walitti fiduuffii hiikkaa dhokataa hiikuuf barbaachisaa ta'uu, irratti walii nama galcha. Yaada kanas ayyoonni akkas jechuun himu, “*Metaphors function as the bridge by which two different domains could be linked through the recognition of certain common structural similarities and metaphors evoke imagery, it makes them very useful in conveying meaning (Archer & Cohen, 1998; Gozzi, 1999; Jumah, 2007; Ivie, 1999)*”.

Hiika makmaaksa tokkoo keessattuu, hiika dhokataa ta'e hubachuuf dubbiwwan qolaa hubachuun barbaachisaadha. Sababni isaas, makmaaksota keessatti yaada dhokataa ta'eef murtii kan kenu dubbiwwan qolaati. Afoola kanneen biroo caalaa tajaajilli mammaaksi ittiin beekamu immoo dubbii keessatti ta'a. Mammaaksi kan mammaakamu yoo haasaan yookiin dhimmi

itti/keessatti/ mammaakamu yoo jiraate qofa. Kanumarraa ka'ee, Sahlu Kidaanees (2002:55) yaada akkana jedhu kenna: “*Only when there is speech-act, an issue, can mamaksa exist. ... it is best understood as a meta-speech; a speech form which comments on a speech-act.*” Kunis, makmaaksi kan makmaakamu wanti namni jedhu (gochi dubbii), yoo dhimmi wahii jiraate qofa. Kana malees, mammaaksi unkaa dubbii ta'ee, kan gocha dubbiirratti yaada kennuu tokkootti hubatamuu qaba yaada jedhu ibsa.

#### **4.6.1. Naamessuu Makmaaksa Kutaa 10ffaa Keessatti**

Naamessuun amala dhala namaa, lubbu qabeessaa yookaan lubbu maleessa biroof kennuu dandeettii dhala namaa uomama biroo gonfachiisuun ibsuudha. Haaluma kanaan xiixala hiika makmaaksaa keessatti malli dubbii naamessuu gilgaalota daree barnootaa kutaa 10 irratti dhiyaate haala araan gadiin haalaallu.

58.Lafti biiftuu ***agabuu*** bulee hin beeku. (fuula 162)

59.Kan sangaan ***iyyuu*** malu qacceen iyyiti.(fuula116)

Malli dubbii fakkeenyaa 58fi 59 kun makmaaksa kitaaba barataa kutaa 10ffaa keessaa kan fudhatame yoo ta'u, yaada makmaaksa kanaa keessatti, jechi amala namaa gonfachuun namoomuu dhiyaatanii jiru. Innis jachi “***agabuufi /iyyuu***” jedhaman amala ilmi namaa agarsiisu kan calaqqisiisanidha. Kana jechuun makmaaksota dhiyaatan lamaan keessattuu kan jechoonni olitti caqafaman amala namaa gonfatani akka dhiyaatan ni hubatama; hiika isaas yemmuu xiinxallu; jechi “*agbuu*” jedhu, namaaf kan tajaajiuufii hiikkaan sirrii isaa “osoo midhaaniin hin nyaatiin jechuudha”. Faallaa isaatiin “*quufaa*” hiikkaan galumsaa isaa “lafti lafa ba'uu hin qabu “midhaan omishamuu qaba” ergaa jedhu kan dabarsu ta'uufi Makmaaksa 2ffaa “*Iyyuu*” kan jedhuufis hiikkaan sirrii isaa “sagalee miidhamaa dhageessifachuu jechuudha.” faallaan “*iyyuu*” Callisuudha/usuudha/, hiikkaan galumsaa isaa “osoo miidhamaan jiruu gara biraan ho'ifachuu” kan agarsiisu ta'uu yaaddeebii odeef kennitootaa irraa hubachuunis danda'amer.

#### **4.6.2. Akkasaa Makmaaksa Kutaa 10ffaa Keessatti**

Akkasaanakkuma caasaa himoota kanii jecha “akkaa,fakkaataafi amma” jedhanitti dhimma bahuun wantoota lama wal-cinaa qabuun isa tokko isa biraatiin walbira qabuun kan

dorgomsiisu/ilaalu/dha. Kanumarraa ka'uun akkasaan makmaaksa kutaa 10 nii keessatti dhiyaate haala kamiin akka jiru qaaccessa isaa waliin akka armaan gadiitti dhiyaateera.

#### 60.Ollaan bultee beeka, **akka** itti bule abbaatu beeka. (fuula 116)

Malli dubbii makmaaksa kitaaba barataa kutaa 10ffaa keessaa kan fudhatame yoo ta'u, makmaaksa olii kana keessatti jechi "akka" jedhamutti dhimma ba'uun hiikkaa dhokataafi hiikkaa mul'ataa akka barsisu xiixaluun nidanda'ama, hiikkaan mullataa hima "ollaan bultee beeka, akka itti bule abbaatu beeka" jedhuu "ollaan nagaa ta'uu/nagaa gaafachuu/ beeka" hiikkaan galumsaa/dhokataa/ "rakkina itti abbaan bule jechaan ibsuun ulfaataa ta'uu" faallaa isaatiin "jirenya mishaa/qananiitiin/ buluu" ta'uu xiixala kanaafi yaadeebii odeefkennitootaa irraa hubachuun ni danda'ama.

#### 4.6.3.Mitihee Makmaaksa Kutaa 10ffaa Keessatti

Gosti mala dubbii kun akkuma maqaa isaa irraa hubannu yaada lama of keessaa qaba. Innis yaada 'eyyee' jedhuufi 'miti' jedhamu of keessatti qabata. Kana jechuun yaada dubbii sanaa 'miti' ykn 'eyyee' jennee lafa kaa'uuf yaadoota nama danqantu jira jechuudha.

#### 61.Qalbii malee **iji** hin **agartu**. (fuula 116)

Malli dubbii mitihee makmaaksa kitaaba barataa kutaa 10ffaa armaan olii akka fakkeenyatti dhiyaate keessatti argame tokko qofa yoo ta'u; mala dubbii kana keessatti himni "Qalbii malee iji hin agartu" jedhamanitti gargaaramuuun hiikka haala waliif faal'aa ta'een akka shaakalsiisuufi hiikni irra keessaa (mul'ataan) "kan argu (ilaalu) qalbii ta'uu, hiikni dhokataan hubannaan barbaachisaa ta'uu, faallaa isaatiin immoo iji kan hin agarre ta'uufi qalbii qaroo ta'uu isaa namatti agarsiisa. Yeroo dubbicha xiinxal'us dhugaa fakkaata garuu faallaatiin kan ibsameefi hiika haala kanaan shaakalsiisa deemuun kan danda'amu ta'uu xiinxala kana irraa hubachuun ni danda'ama.

### 4.7.Xiinxala Hiika Hibboo Oromoo Kitaaba Barataa Kutaa 10ffaa Malleen **Dubbiitiin**

Hibboon dandeettii waa tokko qorachuu, xiinxaluufi bal'isanii yaaduu guddisa. Hibboon hiima, gaaffiin yookaan gaaleen dhiyaatu ta'ee, hiikkaa lama kan qabudha. Hibboo hiikuuf gosa hibboo lamaan addaan baasuun barbaachisaadha isaanis, hibboo hiphifi hibbontetee dha. Hibboo

hiphiin waan gaafatamaan jedhee jalaa qaburratti huundaa'uun kan dhiyaatu yoo ta'u; gaaffiin gaafatamu waanuma naannoo jiru jechoota qola ofirraa qaban kanneen mimmiidhagoo ta'an fayyadamuudhaan baayyee duuressa waan ta'eef, kunis bifa gaaffiin dhiyaata. Hibbon teeteen immoo gaafataan "hiibboon teetee" yoo jedhu deebisaan "Teetee" jechuun jalaa qaba. Gosti hiibboo kanaa immoo ijoolleen hawwaasa naannoo isaanii akka baraniif gargaara. Kana malees lakkofsa barsiisuu keessatti bakka guddaa qaba. Garuu hibboon lamaanuu dubbii qolaa gargaaramanis sadarkaa ulfaatina hiika isaaniitiin cimaan hibboon hibibiidha. Haaluma wal-fakkaatuun Oxford Advanced Learner's Dictionary (2006)fi Okumba Miruka (1999 :135), nis yaaduma kana tumsu.

#### **4.7.1. Naamessuu Hibboo Kutaa 10ffaa Keessatti**

Naamessuun amala dhala nmaa, lubbu qabeessaa yookaan lubbu maleessa biroof kennuun dandeettii dhala nmaa uumama biroo gonfachiisuun ibsuudha. Haaluma kanaan xiixala hiika hibboor oromoo keessatti gilgaalota daree barnootaa kutaa 10 irratti dhiyaate haa ilaallu,

62.Haati nama ilaalti, ilmoon nama nyaatti. (fuula 155)

63.Ija wajjin dhalateef, osoo hin ilaaliin duuti. (fuula 144 )

64.Kophaa deemtu, hin sodaattu (fuula 155)

65.Loon hin qabdu ni elmatti .(fuula 144)

66.Obbolaan afur; afranuu bolla tokkotti fincaa'u.(fuula 144)

67.Qaalluu hin qabdu, irreessa hin dhabdu.(fuula 156)

Malli dubbii nameessaa akka fakkeenyatti 62-67 hibboon hibibii kitaaba barataa kutaa 10ffaa keessaa kan fudhatame yoo ta'u, nameessi hiboo kitaaba barataa kutaa kanaa keessatti hedduminaan kan jiruufi jechi amala nmaa gonfachuun namoomee dhiyaateera. Isaanis 62ffaa "haadha qawwee" waliin wal-bira qabuun haala hiika waliif faallaatiin qawweefi rasaasatti hiikuutiin, 63ffaa hiikkaan galumsa hibboon buddeena yoo ta'u, "dhalachufi du'uu" kuis haal waliif faal'aatiin wal-bira qabuun, hiikkaan faal'aa isaaf "jiraachuu" agarsiisa, 64ffaa "qobaa deemuufi sodaachuu" kunis biiftuutti fakkeeffamee haala faallaa waliin yaadichi kan dhiyaateefi hiikkaan faallaa isaas "lugnummaa", 65ffaa "dhabuuifi elmachuun," kunis silmiitti fakkeeffamee haala waliif faallaatiin kan dhiyaate yoo ta'u, hiikkaan faallaa isaas ilbisootatti fakkeeffame

66ffaa “nama tokko bool’ a afuriin,” hiikkaan isaa mucha (gurruu horiitti) fakkeeffame. Kun haala wal-deggersaan haa dhiyaatu malee, hiikni mul’ataan galumsa isaa tokkummaa kan agarsiisu yoo ta’u, faallaan tokkummaa gartummaa agarsiisa, 67ffaa “qaalluu dhabuufi irreessa qabaachuutiin”, kun haala waliif faallaatiin “waan nama keessaa ba’u” namatti fakkeesee dhiyeesse, kunis amala ilmi namaa uumamaan qabu kan argisiisudha. Kana jechuun makmaaksota dhiyaatan ja’an keessatti kan caqafame amala ilma namaa gonfatee akka dhiyaate hubatama; dabalataan hibboo hiikkaa isaatiin yemmuu xiinxallu, hedduminaan haala waliif faallaatiin kan dhiyaate, yoo ta’u darbee darbee bifa wal-deggersaan kan dhiyaatu akka hindhabamne xiinxala geggeeffame irraa hubachuun danda’ameera.

#### **4.7.2. Akkasaa Hibboo Kutaa 10ffaa Keessatti**

Akkasaan jecha “akka, fakkaataafi amma” jedhanitti dhimma bahuun wantoota lama wal-cinaa qabuun isa tokko isa birootiin wal-bira qabuun kan ilaaludha. Kanuma irraa ka’uun akkasaan hibboo kutaa 10 nii keessatti dhiyaate hiikaakkamii akka dhiyaate qaaccessa isaa waliin haala armaan gadiitiin dhiyaateera.

68.Aabbaa **fakkaataa**, baala nyaata.(fuula 156)

69.**Amma** majii geessi; biyya waliin geessi. (fuula 144)

70.Ayyas hin **fakkaatu**, aabbas hin fakkaatu.(fuula 144)

Malli dubbii akkasaa akka fakkeenyatti 68-70 hibboo kitaaba barataa kutaa 10ffaa keessaa fudhatame kun sadeenuu keessatti, jecha akka, fakaataafi amma jedhamanitti fayyadamuun malleen dubbiitiin hiika kan da’eefi jara kanas tokko tokkoon yoo ilaallu 68ffaa “fakkaataa, baala nyaata” hiikkaan haala wal deggersaan dhiyaate hiikkaan “korbeessa re’eetti da’effate jecchuudha” hiikkaan faallaa fakkaachuu “fakkaachuu dhiisuu” dha. 69ffaa “Amma majii geessi; biyya waliin geessi” kunis majiifi biyya haala waliif faallaatiin wal-dorgomsiise, hiika isaatiinis “miila biyyatti” fakkesse jecchuudha. 70ffaa “Ayyas hin fakkaatu, aabbas hin fakkaatu”. Kunis abbaafi haadha haala waliif faal’aan walbira qabuun hiikka faallaa“gangeetti fakkeessa jecchuudha. Kun akkuma waliigalaattuu hiika haala wal-deeggersaafi faallaa ta’een akka shaakalsiisu xiinxala armaan oliirraa hubachuun danda’ameera.

#### **4.7.3.Mitihee Hibboo Kutaa 10ffaa Keessatti**

Gosti mala dubbii kun yaada lama of keessaa qaba. Innis yaada ‘eyyee’ jedhuu fi ‘miti’ jedhamu of keessatti qabata. Kana jechuun yaada dubbii sanaa “miti” yookiin ‘ eyyee’ jennee afaan guutneehimuuf nama danqa jechuudha. Shaakala kitaaba barataa haala kanaan dhiyaate haala armaan gadiitiin xiinxaluun danda’ameera.

**71.Du’ a booyicha hin qabne** (fuula 144)

**72.Osoo boossuu kofalti, osoo hootuu mar’atti.**(fuula 156 )

Malli dubbii mitihee akka fakkeenyatti hibboo kitaaba barataa kutaa 10ffaa keessaa kan fudhatame yoo ta’u, hibboo olii kana keessatti jechi fakkeeny 71ffaa irratti “du’ a boo’icha hin qabnee” hiikkaan isaa “hirriba” faal’aan hirribaas “irriba dhabuu(jeeqmuu)dha. 72ffaa “osoo boossuu-kolfuu/ osoo hootuu-mar’achu” jedhamanitti gargaaramuun hiikkaa haala waliif faallaa ta’een malleen dubbii kana da’effachuuun dhiyaate. Hiikkaan osoo boossuu-kolfuufi osoo hootuu-mar’achuuf keennamu” ximboo yookiin basaanqoo akka ta’e xiinxala gaggeeffame irraa hubacuun danda’ameera.

## **BOQONNAA SHAN**

### **5.GUDUNFAAFI YABOO QORANNOO**

#### **5.1. Gudunfaa**

Qorannoonaan kun xinxala itti fayyadama caasaafii hiikkaa makmaaksaaifi hibboon Oromoo kitaaba bartaa barnoota afaan Oromoo kutaa 10ffaa jedhu irratti gaggeefame. Afoolli kitaaba barnoota afaanii keessatti hammatamuun kaaayyoo ogummaa gurguddoo afaanii milkeessuu keessatti gahee olaanaa haa qabaatu malee kessumaa makmaaksiifi hibboon caasaa afaanii akkamii, hiikkaafi hariiroon isaanii maal akka fakkaatu duraa duubaan qaaccffamaniiru.

Qorannichi boqonnaa shanitti qoodamuun kan dhiyaate. Haaluma kanaan boqonnaan tokko seen-duubee jalatti beekumsi hawaasa akka damee beekumsa tokkotti osoo hinfudhatamiin turuusaafi Afoolli Oromoos dhiibbaa adda addaarraan kan ka'e carraa qoratamee ifa bahuufi galmaa'ee taa'uu osoo hin argatiin turuunsaa ibsameera. Ka'umsi qoranno kanaas, afoolli Oromoo hedduun isaanii afaaniin dhalootaa dhalootatti kan darbanidha malee bifaa barreeffamaatiin qindaa'ee taa'uufi carraa bal'aa argatee barreeffamuun itti fayyadama akkamii daree barnootaa kutaa 10ffaa keessatti keessumaa, gama caasaa afaanichaafi hiikkaa isaa barattoota shaakalchiisuun gaheen inni daree barootaaf qabu olaanaa ta'uun isaa waan hubatameefi hariiroofi garaagartummaa afoolli kun lamaan qaban adda baasuufidha.

Boqonnaa lama jalatti, yaadrimee qoranno kanaa waliin walqabatan sakatta'amuun haala yaadrimee qorannicha gabbisuu danda'aniin dhiyaataniiru. Kunis qorannichi adeemsa sakkatta'a barruu, walfakkii duraa duubummaa isaanii eeguun kaa'maniiru. Boqonnaa sadii jalatti yaaxxinoonni qoranno kana tumsan, mala qorannichaatu dhiyaate. Innis gosa qoranno akkamtaatti dhimma bahuudhaan tooftaa ibsuutiin adeemsifamee jira. Maddi ragaas madda raga jalqabaa irraa kan madde yoo ta'u, maddi raga jalqabaa kunis kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaatu caassaa afaanicha keessatti mul'atuufi hiika malleen dubbii kitaabicha keessatti mul'ate xiinxaluudhaan gaggeeffame.

Arganoon qorannichaas akka armaan gadiitti qaacceffamanii dhiyaatanii jiru:-

- Makmaaksaaifi hibboon hariiroo itti fayyadama daddeebii dhamsagaa,sagalee, jechootaafi gaalewwanii jalqaba, gidduufi dhuma himoota adda addaa keessatti yeedaloo uumuutiin dhiyaatan.

- Makmaaksis ta'e hibboon itti fayyadama hunka caasaa hima isaaniitiin hima salphaa, hima dachaa, hima xaxamaa, hima dachaa xaxamaa jedhamaniin kan qoodamaniifi loogiin qoddii caasaa himoota kanaa jiraachuufi yeroo kitaabileen barnoota afaanii daree barnootaaf dhiyaatu barsiisonni hubannoo walfakkaataa hin qabani.
- Makmaaksiifi hiibboon Oromoo kitaabilee barataa kutaa 10niitiin hiikkaa barsiisuuf malleen dubbii akka nameessaa, akkasaafi mitiheetti dhimma ba'uu isaa adda ba'eera.
- Makmaksaafi hibboon caasaalee dhamjechaa,sagalee,himootaafi hiika irratti baayyinaafi ulfaatina madaala isaa eegeen akka dareen barnootaa dabalaan deemuun haalli qophii afoola lamaanii ogeessota dandeettii ogumma afoolaafi caasaa afaanii ciccimoo ta'aniin kan qophaa'e miti.

## **5.2.Yaboo Qorannoo**

Itti fayyadama caasaafi hiikkaa makmaksaafi hibboon kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 10nii keessatti wantootni xiyyeffannoo barbaadaniifi argannoo qorannichaa bu'uura godhachuudhaan, yaada furmaata ta'u jedhamanii kan yaadaman akka itti aanutti dhiyataniiru.

1. Itti fayyadama makmaksaafi hibboon kutaa 10ffaa keessatti hariiroo daddeebii dhamjechaa,sagaleelee,jechootaafi gaalewwanii iddo adda addaatti argamuun yeedaloo uumeef xiyyeffannoontiin bayyinni makmaksaafi hibboon tokkoo tokkoo daree barnootatiin caasaa himootaa hunda hammachiisuun qophaa'ee gaariidha.
2. Makmaksiifi hibboon itti fayyadama caasaa hima isaaniitiin hima salphaa, hima dachaa, hima xaxamaa, hima dachaa xaxamaa jedhamanii kan qoodamaniifi osoo xiyyeffannootiin bayyinni makmaksaafi hibboon tokkoo tokkoo daree barnootatiin caasaa himootaa hunda hammachiisuun qophaa'ee gaariidha.
3. Makmaksiifi hiibboon Oromoo dandeettii jechoota dagaagfachuu ijoolee ni cimsa waan ta'eef; malleen dubbiitiin hiika sirriifi hikka galumsaa barattootni akka dagaagfatanitti malleen dubbii lamaafi sadirra caaluun osoo baayyinaan gargaaramee filatamaadha.
4. Garaagartummaa makmaksaafi hibboon qaban keessaa caasaa irrattis ta'e, hiika irratti baayyinaafi cimina afoola lamaanii eeguun, akka dareen barnootaa dabaluun dabalee odoo qophaa'ee filatamaadha.
5. Qorannoq qorataan mata duree kana irratti gaggesse qorattoota biroof ka'umsa ta'uwaan danda'uuf, qorattoonni birool'ee mataduree kana irratti dabalataan yoo qoratan

akkuma Oromoon makmaaksa isaan “Mixiin wal-qabattee laga ceeti” jedhu, bu’aan lakkaawwamu kallattii garagaraan argamuu danda’a jedhee amana qorataan.

## **Wabiilee**

- Abdurrahmaan Abdulqaadir. (2016). *Qaacceessa ogommaa afaani gurguddoo arfanii Keessatti.* waraqaa qorannoo digirii lammaffaa, Univarisiitiyi Finfinnee, kaan hin maxanfaamne.
- Achebe Chinua . (2003). *Things Fall Apart.* A case book.New York: Oxford University Press.
- Addunyaa Barkeessa. (2010). *Akkamtaa : qarannoo Hujoo.* Finfinnee: Mega priting press.
- Addunyaa Barkeessaa . (2014). *Semmo : Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo* Finfinne : Dhaabbata maxxansaa Far East Trading PLC.
- Asaffaa Tafarraa. (1991). *Wiirtuu.Jildii-4.Barruulee Waaltina Afaan Oromoo.*Finfinnee:Biroo Aadaafi Beeksisa Oromiyaa
- Asafaa Tafarraa. (2009). *Eela: Seenaa Ogummaa Oromoo.* Finfinnee: Far East Trading PLC.
- Ajzen, I. (1988). *Attitudes,Pesonality and Behavior.backinghom:* Open University Press
- Bascome, W. ( 1965 ).*The Study of Folklore.*Englewood cliffs N.J: prestige-Hall Inc
- Beard, A. (2001).*Texts andContexts.*Taylor & Francis e-Library
- Beekan Gulummaa. (2015).*Koomtoo:Gooma Afoola Oromoo.*Finfinnee,Oromiyaa.
- Bukenya, R. (1994).*Understanding Oral Literature.*Nairobi:Nairobi University Press.
- Carter, R. and Long, M. 1987.*The Web of Words: Exploring Literature through Language.* Cambridge: Cambridge University Press.
- Collie, J.and Slater,S. (1987).*Literature in the Language Classroom.* A research Book Ideas andactivities. Cambridge:Cambridge University Press.
- Daaluu Aabbunii. (2012). *Xinxalla Afoolaa Dandeettiawan Afaanii Afran Barsiisuu Keessatti.Haala Kitaabota Barataa Afaan Oromoo Kutaa9ffaafi 10ffa Keessatti Yunivarsiitti Addis Ababaa: (MA Thesis)*
- Dasse Birhane . (1988). *An Evalation Of The Effectiveness Of Modern Teaching Metods. And The Extent To Which This Are Implemented In Fresh Man English Course.”* Addis Abeba : A.A.
- Dastaa Dassaaleny. (2013). *Bu'uura Qorannoo.*Finfinnee: Dhaabbata Maxxansaa Boolee.
- Diane, M. ( 2011).*Children’s literature in the Classroom:* The Guilford Press new York London
- Dorson, R . (1972). *Folklore and Folklife.An Introduction.* Chicago and London :The Chicago University

press.

Dundes, A, and Bronner,S.J. 2007. The meaning of Folklore: The analytical essays of Alan Dundes. Utah State University Press.

Finnegan, R. (1970).*Oral Literature in Africa*.Nairobi:Oxford University Press.Finnegan,R. (1976).*Oral Literature in Africa*.Oxford: Oxford University Press.

Fiqaaduu Birruu. (2007). *Qaaccessa Mammaaksaa: Ijoolleefi Ijoollummaa*. Yunivarsiitii Addis Ababaa (MA Thesis) Flick,Uwe.(2002).*An Introduction of QualitativeResearch*.(2nded.) New Delhi: Sage Publication Ltd.

Gaaddisaa Birruu.(1991). *Wirtuu.Jildii-4.Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo*. Finfinnee:Biroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa.

Geetaachoo Rabbiraa.(2009). *Seerluga Afaan Oromoo*.Finfinnee: Dhaabbata Maxxansaa Intarnaashinaalii.

Georges, R. A and Jones, M. O .(1995). Folklorstics: *AnIntroduction*. Bloomington and Indiana Polis: Indiana University Press.

Garai, K., J., (2001). *A Cognitive Rhetorical Approach to Basque Proverbs*: Analogical Mappings in Coordination. Thesis submitted to the Graduate School of the University of Maryland, College Park in partial fulfillment of the requirements for the degree of MA2001.

Ibson, E. (1995). *The Double Role of Fiction in Foreign Language Teaching ToWard a creative*.

Hill, J. (1986). *Using Literature in Language Teaching*.London : Macmillan Publishers Ltd.

Hinseenee Makuriyaa.(2010).*Galmee jechoota Afaan Infliffaa, Afaan OromoofiAmaariffa*: Commercial Printing press.

Lazar, G. (1993). *A Literature and Language Teaching*: A guide for Teachers and Trainers. Cambrigde: Cambrigde University press.

Mengesha Rikitu. (1992). Oromo Oral Treasure for new Generation: Proverbs and Sayings of the Oromo People with English Explanation. London, Top Print.

Melakneh Mengistu. (2006).*Fundamentals of Literature for Colleges*.Addis Ababa:Commercial Printing Enterprise.

Mieder, W. (2004).*Proverbs: A handbook*. London: Greenwood Press. Westport, Connecticut. London.

Ministeera Barnoota Itiyoophiyaa. (2005). *Barnoota Afaan Oromoo KitaabaBarataa Kutaa 9*.

Kampala: MK Publishers Ltd.

Ministeera Barnoota Itiyoophiyaa. (2005). *Barnoota Afaan Oromoo KitaabaBarataa Kutaa*

10.Kampala: MK Publishers Ltd.

Mitikkuu Dibbeessaa. (1991). *Wirtuu Mulugeetaa Nagaasaa.(1999).Wirtuu.Jildii 8.Barruulee*

*Qormaata Waaltina AfaanOromoo.Finfinnee:Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa..Jildii*

*4.Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo.Finfinnee:Biiroo Aadaafi Beeksisa*

*Oromiyaa*

Miruka, O.(1994). “*Understanding Oral Literature*”: *Understanding and Teaching*

*Proverbs.Nairobi, Nairobi University Press. P.36-48*

Misgaanuu Gulummaa. (2011). *Dilbii: Bu'uura Afoola, Ogafaaniifi Walaloo Oromoo*. Finfinnee:

*Oromiyaa.*

Muhaammad Abdoo. (2013). *Dur Hennaa Gadaa: Yaadrimeewwan Ogwalaloofi Kuufama*

*Walaloowwanii*. Dirre Dawaa, Khalef Printing Press PLC.

Nagarii Leencoo. (1993). *Wiirtuu (Jii.6) Barruulee Qormaata Waltina Afaan Oromoo.*

*Finfinnee:Biiroo Aadaafi Beeksisa Oromiyaa.*

O'Donnell, M.(2011/12). Introduction to Systemic Functional Linguistics for Discourse

Analysis,Universidad Autónoma de Madrid

Olaanii Fayisaa. (2009). *Xiinxala unkaafi qabiyyee faaruu naqataagodina Horroo Guduruu*

*Wallaggaa AanaaJaardagaa jaartee.waraqaa qorannoo digirii lammaffaa, Univarisiitiyi*

*Finfinnee: kaan hin maxanfaamne.*

Oring, E. (1986).*Folk Group and falklore Generes, An Introduction*: longman Utah Sate

University .

Perez Diaz . (2013). *Global issues in the teaching of language, literature and linguistics* :Peter

Langag, International Academic Publishers.

Richards , J.and Rodgers, C. (2001). *Approaches and Methods in Teaching Foreign*

*Language.Cambridge: Cambrigde University press.*

Sahlu Kidane (2002). *Borana Folktales: A Contextual Study*. London: Haan Publishing.

Sims, M , and Matine, S. (2005).*Leving Falklore: An introduction to The Study of People and*

*their Traditions.Logan Utah State University Press.*

Sumner, C . (1996). *Oromo Wisdom literature: Proverbs, Songs, Folktales:An Anthology of*

*Oromo literarure.Addis Ababa: Guddina Tumsa Foundation.*

- Teferi Nugusie. (2006). *Development of Oromo Literature Up to 1991*, MA Thesis SGS, AAU (Unpublished).
- Valiulytė, S . (2010).*Proverbs as a Reflection of Life and Thinking of English People*. Šiauliai, Šiauliai University, Faculty of Humanities Department Of English Philology, M.A.Thesis.
- Wallace, L. (1981).*Vocabulary Building and word Study*: USA: Mc Graw-Hill.
- Warquu Dachaasaa. (2001)*Wirtuu Jildii-9.Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo*. Finfinnee:Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa
- Willis, J. (1996). *A Framework for Task-based Learning*. Harlow: Longman.
- Yaadasaa Tolasaa. (2018).*Malleen Qorannoo Bu'uuraa*.Finfinnee:Far East Trading Plc.
- Zelalem Aberra. (2003). *Translation from Oral to Written Oromo Poetry*. In Journal of Oromo Studies. Vol.10 Numbers 1 and 2
- Zawdeefi Firehiwoot .(1999). *Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo Wiirtuu Jildii -8* Finfinnee ,APE
- Zoltan, D.(2007). *Research Method in Applied Linguistic*. Quantitative, qualitative and Mixed Methodology.
- በዳለ የቃይሬ. (1996):በስነ ጥሃት ቅንቃን ማስተማርጓልኩ አበባ፡ንግድ ማተሚያ ይጠቃቄ፡፡
- ዘመኑን አሰጣጥ . (2000).የስነ ጥሃት መስረታዊምን፡ኩ አበባ፡ንግድ ማተሚያ ይጠቃቄ፡፡